

**XIINXALA SIRNA RAAWWII “ARAARA HARKA RIGAA”
OROMOO KAMISEE AANAA JILLEE DHUMMUUGAA**

ZARITUU FAYISAA GAMMADAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO BARSISUUTIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII
KOOLLEEJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIIHII FINFINNEE**

HAGAYYA 2010/2018

FINFINNE

**XIINXALA SIRNA RAAWWII “ARAARA HARKA RIGAA”
OROMOO KAMISEE AANAA JILLEE DHUMMUUGAA**

ZARITUU FAYISAA GAMMADAA

GORSAAN: DR. DASTAA DASSAALENY

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO BARSISUUTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUN
DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII
KOOLLEEJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

HAGAYYA 2010/2018

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata qorannoo digirii duraatiin booddee waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, ogbarruufi fookilooriittiin guuttachuuf, ZarituuFayisaa mataduree: Xiinxala Sirna Raawwii Araara Harka Rigaa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa; jedhu sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guutteetti.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____	Mallattoo _____	Guyyaa _____
Qoraa Keessaa _____	Mallattoo _____	Guyyaa _____
Gorsaa _____	Mallattoo _____	Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Galata

Duraan dursa dandeettii qabaniin nuffii tokko malee na cinaa dhaabbachuun na qajeelchaa kan turan gorsaa koo Dr.Dastaa Dassaalenyiif kabajaan koo daangaa hin qabu.

Itti aansuun jalqaba barnoota kootii kaasee hamma xumuraatti yaadaan,maallaqaaniifi maatii hun da jiraachisuun na barsiisee sadarkaa kanaan kan nagahe abbaa manaa koo barsiisaa Indaalkaa choo Xilaahun Fufaaf kabajaafi jaalalan qabu asumaan ibsuun barbaada.Ulfaadhu abbaa Daandii.

Akkasumas qorannoon koo kun akka galma ga'uuf odeeffannoo gahaa naaf kennaa kan turan manduggoota godina addaa sablammii Oromoo Aanaa Jiillee Dhummuugaa, waajjira koomini keeshinii,aadaafi turizimii aanichaas nan galateeffadha.

Dhuma irratti daa'i mummaa kootii kaasanii sammuu koo barnootaan qaruun sadarkaan irra ga'e

Kanaaf ka'umsa kan naaf ta'an abbaakoo obbo Fayisaa Gammadaafi haadhakoo aadde Marartuu Eebbaaf umurii dheeraan hawwa.

Axeeraraa

Kaayyoon qorannoo kanaa adeemsa sirna raawwii araara harka rigaa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa xiinxaluudha. Qorannoo kana gaggeessuudhaaf wanti qorattuu kakaase dhimmoota gurguddoo sadiidha. Inni jalqabaa; sirna araaraa naannoo sanatti beekamuun adda ta'e argachuu isheeti. Lammaffaan aadaa naannoo biraatti hin beekamne kana qorachuuf fedhii dhaan guutamuu isheefi sadaffaan dhimmi kun qoratamee waan hin beekneef qoratamuun murte essaa ta'ee waan itti mul'ateefidha. Odeef- kennitoota qorannoo kana irratti hirmaatan keessaa manduggootaafi dargaggoota aanaa Jiillee Dhummuugaa keessa jiraatan keessaa mala iddattees suu kaayyeffataa (purposive sampling)tti fayyadamuun filatamaniiru. Ragaalee qorannoo kanaaf oolu funaanuufis af-gaaffii, daawwannaa fi marii garee fayyadamteetti. Ragaalee meeshaalee kan neeniin funaanaman akkamtaatti fayyadamuun qaacceffamaniijiru. Akkasumas fakkoommiin wan toota sirna sanaaf barbaachisaniifi mul'atanii ibsamaniiru. Argannoon Qorannoo kanaa akka taan adeemsa manduggummaa nama wal ajjeesee ittiin araarsan wal dhabbii gosa Kaan irraa adda ta'uufi qalmi araara harka rigaaf taasifamu eessumman gurbaa nama ajjeeseen malee namni biraan qaluu kan hin dandeenye ta'uunsaa argamee ibsameera. Maloota kanneen itti garga aramuun sirni duudhaa kun adeemsi isaa jalqabaa hanga dhumaatti bifa barreeffamaatiin; akka sumas viidiyoon waraabamee dhalootadhufuuf gooda hambaa keessa osoo kaahame; adeemsi sirnichaafi duudhaan sabichaa akka hin badneef eegumsa gochuuf qooda olaanaa qaba. Walu maagalatti qorannoo kana keessatti yaada furmaata ta'a jedhamee kan kaa'ame jaarsoliin biyyaa itti gaafatamtoonni aadaafi turizimiifi namoonni dhimma kana irratti qorannoo gagge essan hundi adeemsi sirna raawwii araara harka rigaa, meeshaalee sirna sana irratti barbaa chisaniifi nyaanni sirna sanaaf qophaa'u xiyyeeffannoon itti kennamee bifa qabatamaa ta'eefi waraabbiin kaa'amuu qaba.

HiikkaaJechootaa

Abbagaar:	Jaarsa biyyaa
Abi:	Kanbiraa
Aboo:	Obboleessakoo, obboleessoo
Amaanaa:	Waadaa
Baada:	Erga ta'ee booda
Danfa hiriyyaa:	Dhugaa hiriyyaa
Eefa:	Erga
Faajjii:	Qophii Araaraaf ta'u
Gallaba:	Galgala
Garaa harrii:	Dardara yaadaan bilchaataa
Gobbuu:	Jamaa
Haada:	Funyoo
Halaal;	Gorra'uu
Harraantana:	Guyyaa har'aa irraa eegalee
Hayya:	Tole
Heey:	Ookoo
Faajjii:	Qophii araaraaf ta'u
Foora fudhate:	Boqote, du'e
Magantaa:	Safuu
Manduggoo:	Manguddoo, jaarsa biyyaa
Mandiiso;	Bakakkaa
Nadaamne:	Gaabbine
Namayyoo:	Fira, aantii
Nyaphaa:	Diina
Rifaatuu:	Naasuu
Sooddoo;	Dafanii
Subii:	Obboroo,barii, barraaqa
Usanii:	Callisanii

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Galata	i
Axeeraraa	ii
HiikkaaJechootaa	iii
TarreeffamaSuurraawwanii.....	vii
Boqonnaa Tokko: Seensa.....	vii
1.1 Seenduuba	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa	5
1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa	6
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	6
1.3.2 Kaayyoo Gooree	6
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	7
1.5 Daangaa Qorannichaa	7
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	7
1.7 Haala Naannoo Qorannichaa.....	8
1.7.1 Aadaa uummata Aanaa Jiillee Dhummuugaa.....	9
1.7.2 Aadaa fuudhaafi Heerumaa	10
1.7.3 Aadaa Nyaataa.....	11
1.8 Iddoowwan seenaa qabeeyyiifi Hawwata turiizimii Aanichaa	12
1.8.1 Hidda Dhalootaafi Qubsuma Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuuga ...	13
1.8.2 Shanan Jiillee.....	13
1.9.3 CaasaaHidda Latiinsa Jiillee	14
Boqonnaa Lama: Sakattaa Barruu	16
2.1 Fookiloorii.....	16
2.1.1 Gosoota Fookiloorii.....	17
2.1.1.1 Afoola	17
2.1.1.2 Meeshaalee Aadaa	18
2.1.1.3 Barsiifata Hawaasaa.....	19

2.1.1.4 Aartii Duudhaa.....	19
2.1.1.4.1 Faayidaa Fookiloorii	20
2.1.1.4.1.1 Waldhabbii.....	20
2.1.1.4.1.2 Maddoota Waldhabbii	21
2.1.1.4.1.3 Dhimmoota Waldhabbii hiikuu Irratti Yaada Hayyootaa.....	21
2.2 Dayyeessa Qorannichaa	24
2.2.1 Haala Himannoo Waldhabdee Araaraa Ittiin Dhaggeefatan	25
2.2.1.1 Maloota yookiin Tooftaalee Waldhabbii ittiin Araarsan	26
2.2.1.1.1 Tarsiimoo Waldhabbii Araarsuu	27
2.2.1.1.2 Wantoota Akaakuu Waldhabbii to'achuuf Gargaaran	27
2.2.1.1.3 Maalummaa Araaraa	27
2.2.1.1.4 Adeemsi Uummanni Oromoo Sirna araaraatti Dhimma bahu maalfa'ii?	28
2.2.1.1.5 Hayyuun Araarsuu.....	28
2.3 Qorannoowwan Hojii kanaan Hariiroo Qaban.....	28
Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa	31
3.1 Mala Qoranichaa	31
3.2 ddattoo.....	31
3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee.....	32
3.3.1 Daawwannaa.....	32
3.3.2 Af-gaaffii	33
3.3.3 Marii Garee.....	33
3.4.4 Meeshaalee Waraabbii.....	35
3.4 Adeemsa Funaansa Ragaalee	35
3.5 Malleen Xiinxala Ragaalee	36
3.6 Odeef-kennitoota.....	36
3.7 Naamusa Ogummaa	36
Boqonnaa Afur: Xiinxala Ragaalee	37
4.1 Adeemsa Sirna Araara Harka Rigaa.....	37
4.1.1 Adeemsa Ittiin Yakka Dalagame Qoratan	39
4.1.2 Adeemsa Himannaa Araara Harka Rigaa.....	40

4.1.3 Haala Adeemsa Manduggoonni /Abbagaar Araara Itti buusan	43
4.1.4 Eebba	51
4.1.5 Eebba Jila Duraa.....	51
4.1.6 Eebba Araara booddee.....	53
4.1.7 Seera Gaaddisaa Sirna Araaraa Keessatti.....	53
4.1.8 Haasawa Yeroo Araarri Jalqabamuu	54
4.1.9 Sirna Araaraa Keessatti Akkaataatti Ragaaf Kakachiisan	56
4.2 Hirmaattota Sirna Araara Harka Rigaa Oromoo Jiillee Dhummuugaa.....	57
4.2.1 Araara keessatti gahee dubartootaa	58
4.2.2 Yeroo Sirni Araaraa Itti Raawwatamu	59
4.2.3 Dhugaan Walitti Araaramuu Namoota Waldhabanii Kan Mirkaneessu	60
4.2.4 Namoonni Waldhaban Lamaan Yoodhugumaan Araaramuu Baatan Wantoota Isaan Mudatan.....	61
4.3 Meeshaalee Aadaa Sirna Araara Harka Rigaa Irratti Dhiyaatan.....	63
4.4 Fakkoommii Wantoota Sirna araara harka Rigaa keessatti Qooda Qabanii.....	64
4.4.1 Fakkoommii Bishaaniif Ulee.....	64
4.4.2 Fakkoommii Re’ootaa	65
4.4.3 Fakkoommii Lafee Cinaachaa	65
4.4.4 Haasawa.....	65
4.4.5 Mammaaksa.....	66
4.5 FaayidaaAraarri Harka Rigaa Hawwaasa Keessatti Qabu	66
Bonnaa Shan: Argannoo,Cuunfaafi Yaboo.....	68
5.1 Cuunfaa Argannoo	68
5.3 Yaboo.....	70
Wabiilee	71

Wabiilee

Dabaleewwan

Tarreeffama Suurraawwanii

Fakii 1. Kaartaa Aanaa Jiillee Dhummuugaa.	15
Fakii 2. Marii garee 1ffaa Yeroo manduggoonni jalqabaaf marii garee dhimma araaraa irratti taasisan (Onkoloolessa 6/2/2010 kan qorattuun kaafame).....	34
Fakii 3. Marii garee 2ffaa yeroo maatiin gurbaa nama ajjeesee si'a lammataaf haalatti faajjii baasan mariyatan (Onkoloolessa 10/2/2010 kan qorattuun kaafame).	35
Fakii 4. Yeroo manduggoonni sadaffaaf warra jalaa du'etti deebi'ani (Onkoloolessa 16/2/2010 kan qorattuun kaafame).	44
Fakii 5. Yeroo manguddoonni mana warra jalaa du'eetii deebi'an.....	45
Fakii 6. Yeroo manguddoonni sirna kana raawwachiisan walga'uun guyyaa harka rigaa murteeffatan (Onkoloolessa 23/2/2010 kan qorattuun kaafame).	46
Fakii 7. Yeroo re'oota qabanii dhufan qaluun dhiiga namicha du'ee deebisan.	47
Fakii 8. Yeroo Abbaan gurbaa nama ajjeesee lafee cinaachaa caccabsuun Balleessu	48
Fakii 9. Yeroo foon qalame uummata araaraaf dhiyaateef qopheessan (Onkoloolessa 28/2/2010 kan qorattuutiin kaafame).	48
Fakii 10. Yeroo sirni harka rigaa raawwatu (Onkoloolessa 28/2/2010 kan qorattuutiin kaafame).	49
Fakii 11. Yeroo gosni warra ajjeese warra jalaa du'e harka fuudhan (Onkoloolessa 28/2/2010 kan qorattuun kaafame).	50
Fakii 12. Erga araaramanii booda maaddii tokkotti dhiyaachuun waliin nyaatan.....	51
Fakii 13. Yeroo Haati Gurbaafi Niitiin Abbeeraasaa Nyaata Araaraa Tolchani	59

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1 Seenduuba

Hawwaasni tokko fookiloorii mataa isaa qaba. Fookilooriin immoo gochaalee hawwaasni tokko dalagu, raawwatu, amanu, xiinxaluufi k.k.f dabalata. Kanaafuu, aadaa, duudhaa,

amantiifi safuu hawaasa tokkoo labataa labatatti kan dabarsudha. Yaaduma kana ilaalchisee; Oring (1995 :135) Grimms(1986:6), wabeeffachuun ibsutti fookilooriin duudhaa yeroo dheeraa, hambaawwan yeroo dheeraafi beekumsa turan irratti xiyyeeffachuun wantoota durii (any thing old), ijaarsa durii ragaawwan seera durii, aartii durii, durdurii, sirba durii, barsiifataafi k.k.f hammata jechuun ibsa.

Kanaafuu fookilooriin bu,uura seenaafi duudhaa hawwaasa fookiloorii sanaa ibsa jechuun nidandahama. Haalli kunis darbaa dabasaan erga dhalli namaa addunyaa kana irratti argamee kaaseeti. Kana jechuun fookilooriin beekumsa aadaa, duudhaaleefi barsiifata saba tokkoo baatee kan tarkaanfatu jechuun ni dandahama. Yaaduma kana Oring(1999 :136) yoo ibsituu “folklore as for all tradition and beliefs handed down from generation to generation with out the use of writing” Jechuun lafa keessi. Fook-Afaan

aadaafi duudhaalee of keessatti qabatee dhalootaa dhalootatti barruu tokko malee himamsa afaaniin kan dabarsudha. Haaluma walfakkaatuun fookiloorii hawaasichaa keessaa tokko kan ta'e aadaa araaraati. Sirni aaraaraa kun aadaa beekamaa hawwaasa kam birattiyyuu fudhatama qabu yommuu ta'u kan qaamni wal dhabe tokko bifa ittiin waliin jireenya hawwaasummaa isaanii cimsachuun akka jiraataniif tooftaa itti walitti fiduun godaannisa dubbii onnee keessaa dhabamsiisaniidha. Waldhabbiin hawaasa tokkoo yoomiifi eessattiakka jalqabame wanti beekamu jiraachuu baatus dhalli namaa erga gamtaan waliin jiraachuu eegalee kan tureefi har'as itti fufee kan jiruudha. Yaaduma

kana hayyuun (Howon Jeong) haala armaan gadiin ibseera. “Conflict dates from the being of human history and will probably never end our survival on this planet linkages on how we manage the various feuturs of conflict and that is fueled not only by seemingly in compactable interests and values but also by hostilityies" (HoWon Jeong, 2008:3).

Waldhabbiin uumamuu kan eegale seenaa dhalli namaa jalqabee kaasee yommuu tahu amma kan hin dhaabbanne tahuu isaati jedha. Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti karaalee adda addaafi haala adda addaatiin guyyaa irraa guyyaatti wal dhaba.

Hayyuun Galtang (2002:34-35) haala armaan gadiin ibsameera. “Conflict experienced each day by human being who have defferent bacground, culture, class, Nationality, age and gender”. Waldhabbii haala dhalli namaa yeroo kamiyyu seen duubee, aadaa, sadarkaa, umuriifi saala garaa garaa qaban bu’uura godhachuun kan mullatu muuxannoo jirudha. Kana jechuun haala aadaatiin naannoo ofii jiran sanatti waldhabaa araaramaa jiraatu. “Conflict and dynamic tention existigin every society. Zinnafi Eitzen (1991) waldhabbii ibsu waldhabbiifi gidiraan kan sochii hawaasaa kam keessatti mullatudha. Hawwaasni addunyaa kana irra jiraatan hundi naannoo ofii wajjin walitti ni bu’a.

Kunis kan inni hundaa’e haala aadaa uummanni tokko jireenya hawwaasummaa ofii keessatti waggoota dheeraaf gaggeessaa turedha. Biyyoonni Afrikaa haala aadaatiin naannoo isaaniitti waldhabbii waggoota dheeraaf isaan gidduutti uumamaa tureef jaarsummaatti kan fayyadamaa turaniifi hanga ammaatti abbummaan itti fayyadamaa jiraniidha. Haaluma aadaa isaaniitti fayyadamaa turan irraa kan ka’e yeroo ammaa kana illee biyyoota gamtaa Afrikaa (African union) uumuudhaan iddoowwan rakkoon itti uumamu deemuudhaan rakkoo furaa jiru. Akka fakkeenyaatti .Kong (1993), Zaire (1997) fi kkf yeroo ammaallee waldhabbiin biyyoota Afrikaa haaluma duraatiin xiyyeeffannoon itti kennamee akkaataa waldhabbiin kun itti to’atamuufi furmaata argaturratti bu’a qabeessummaan isaa ilaalamee hojii irra oolaa jirudha.

Hume (1994), Masabaha, (1995) akka ibsanitti waldhabbii uumamu karaa lamaan furuun nageenyi amansiisaan akka ittifufu gochuun ni danda’ama jedhu. Yaadni kun immoo osoo hin uumamiiniifi erga uumamee boodas ka’umsa rakkoo sanaa addaan baasuudha. Yoo uumames soddoo tarkaanfii fudhachuun yaada walii galaa waldhabbii ittiin to’achuun danda’amu kaa’uudha jedhu. Itoophiyaa keessatti wal dhabbii xixiqqoo batalatti uumaman irraa kaasee hanga lubbuu namaa baasuutti kanneen deeman sadarkaa maatii, garee, gosaafi biyyaatti waldhabbiin uumaman nijiru. Ammas haaluma itti fufinsa qabuun itti haajaa bahamaa jira. Haala aadaatiin waldhabbii hiikuun heera mootummaa karaa idileetiin seera baasuu irraa adda kan ta’edha.

Fakkeenyaaf, heera adaba yakkaa bara 1997 kan Itiyoophiyaa kewwata 120(1) bahe irratti namni tokko humnaan dubartii dirqisiisuun quunnamtii saalaa yoo raawwate hidhaa cimaa waggaa shanii hanga kudhanii adabama jedha. Heera tumame kana keessatti abbaan murtii qaama yakkicha raawwate irratti daangaa waggootaa tuqaman kana ilaaluu dhaan murtii madaalu kennuun ka'umsaafi dhuma waggaa kaahamee haquun hin dandahamu.

Aadaa hawwaasa Oromoo keessatti waldhabbiin sadarkaa garaa garaa irratti ni uumama. Waldhabbiwwan kunneenis kanneen akka waldhabbii ollaafi ollaa, gosaafigosaa, waldhabbii namaafi haala uumamaagidduuttiifi kkf gidduutti ni uumama. Waldhabbii uumamu kana hawaasichi kan callisee ilaalu osoo hin taane qaamni wal dhabe lamaan sadarkaa miidhaa cimaa irra osoo wal hingeessisiin adeemsa sirna araarichaan waldhabdeen gidduu isaanii ni ilaalama. Ka'umsi sababa kamiinuu haa uumamu Walxaxinsaafi ulfaatinsa isaanii irratti hundaa'uun tooftaa waldhabbii hiikuu sirrii ta'e fayyadamuun waldhabdee kana karaa nagaa ta'een yoo hinfuriin balaa hamaa geessisuun lubbuu namaa karaa hedduu gaaga'uu ni danda'a.

Yaada toora interneetii <http://www.Gdrc.org/u-gov/what-is-conflict-resolution.htm> jedhamu irraa argame yaaduma armaan olii kana deeggaruun gaditti kaahameera. Yaadni kunis sochii tooftaalee waldhabbii hiikuu filatamaa ta'aa dhufe jedha. Yaadrimee kana irraa ka'uu dhaan hawwaasicha birattis rakkoon akkanaa kun yeroo uumamu karaan itti furmaata argatu nijira. Isaan kanas hanga tokko haa ilaallu. Kunis akka hawwaasa Oromoo Kamisee aanaa Jiillee Dhummuugaatti waldhabbii furuuf tooftaan itti fayyadaman qaamota waldhaban lamaan haaluma aadaan hawaasichaa eeyyamuun dhimmi isaanii ilaalamee sirni araara harkarigaa gaggeeffamuun araarri buufama.

“Kitaaba qulqulluu keessaa seera lakkoofsaa boqonnaa 35:31-32 irratti namni du'i itti faradame haa ajjeefamu malee isa oolchuudhaaf gumaa irraa hinfudhatiinaa. Nama mandara kooluu itti galanitti baqate tokko irraa utuu hangafni lubichaa hindu'iin deebi'ee biyya isaa keessa akka inni jiraatuuf gumaa irraa hinfudhatiinaa” jedha.

kanaafuu qulqulluu miti falachuu (qalbii diddiirrachuu) qaba jedhamee amanama. Kanaaf hawwaasni Oromoo kamisee aanaa jiillee dhummuugaas haalli itti isaan nama wal ajjeese araarsanis macaafa qulqulluu kana waliin wal fakkaata. Sababiin isaas nama nama ajjeese

akka inni falatuuf haala mijeessuun namoota araarfatu sana haala aadaatiin nyaataafi dhugaatii qopheessee falata/araarfata malee sababii nama ajjeeseef beenyaan kaffalchiifamu hinjiru.

Akkaataa aadaatiin seerri tumamu haaluma irratti walii galameen dhaloota dhalootatti Afaaniifi gochaan daddarbaa kan dhufee fi daddarbaa deemudha. Manduggoonni sirna kana raawwachiisan shaman Jiillee jiran keessaa akkaataan isaan itti filataman hangafummaa dhaloota shaman jiilleen osoo hintaane; hangafummaa bilchina sammuu jedhu. Kana jechuun shaman jiillee jiran keessaa kan uummanni rakkoon yoo uumame bu'aa bahii jiru hunda dandamatee dandeettii nama amansiisuu qaba jedhee uummanni jiillee itti amanee filatete abbagaar ta'ee muudamee nama wal ajjeese araarsa jechuudha.

Dabalataanis yoo akka tasaa namni isaa jalaa ajjeefame abbagaar/manduggoo gumaa araarsu ta'es akkuma nama isa kaan araarsutti oldheerooykn manduggoo abba gaaritti aananii jiran kan waldhabdee xixxiqqoo ta'an araarsan warra namasaa ajjeesetti erguun akka aadaa Oromoo Jiilleetti bahaati dhiiga nugidduutti bu'e kana lafaa kaasaa jedhaati itti himaa jedhee itti ergee araarfata malee namni biraan dhufee gidduu galee dubbatee hin araarsu. Sababiin isaa tuma hawwaasichi tumate waan taheefi.

Ga'een araaraas jiruufi jireenyi aadaan walqabatee waan deemuuf hawwaasicha biratti iddoo olaanaaqaba (Maddi: manguddoota biyyaa, argaa dhageettiifi kitaaba qulqulluu seera lakkoosaati). Kana jechuun adeemsi raawwii araara harka rigaa naannoo Amaaraa godina kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa keessa jiru haaluma tokkoon, caasaa walfakkaatuun, tuma tokkoon xummurama ykn gosa hawwaasa tokkoon dhuma jechuu miti. Haalli sirna araaraa kun Godinaalee Oromiyaa tokko irraa gara biraatti garaagarummaa qaba. Hawwaasa aadaafi duudhaa walfakkaatu qabu kanaaf odoo araari kun haala walfakkaatuun raawwatame rakkoon hawwaasa gidduutti uumamu furame jettee waan itti amateef, qorannoo kanaan gara walfakkaatutti fiduu barbaadeeti. Kanaafuu qorattuun qorannoo kana keessatti wanti bal'inaan ilaalamuun ibsame mata duree xiinxala Sirnaraawwii Araara Harka Rigaa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa keessatti raawwataman kana xiinxaluun gara tokkootti fiduuf qorannoo gaggeessuu barbaadde.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Hawwaasni Oromoo sirna araaraa kan mataa isaa waan qabuuf kabajuun dhimma itti ba'aa dhufeera. Aadaa ittiin bulmaata sirna araara harka rigaa kana keessatti firiwwan fookiloorii maal akka ta'aniifi faayidaawwan isaaniin walqabatan haala kamiin akka raawwatamaniifi yoomiifi eessatti akka raawwatu mallattoowwan fookilooriis gidduu galeeffata. Kanaafuu haala armaan olii kana bu'uura godhachuun gaaffilee armaan gadiif deebii kenniti. Gaaffileen kunneenis kanneen bu'uuraan qorannoon kun deebii itti kennudha.

- Sirni araara harka rigaa kun adeemsa akkamii keessa darbaa?
- Sirna araaraa kana irratti gosti nyaataafi dhugaatii aadaa dhiyaatan maalfa'ii?
- Yoomessi adeemsa raawwii araara harka rigaa maal fakkaataa?
- Namoonni wal ajjeesan yoo araaramuu baatan maaltu isaan mudataa?
- Fakkoommiwwan wantoota sirna araara harka rigaa hawwaasa Oromoo kamisee aanaa Jiillee Dhummuugaa maal maal bakka bu'uu?

Waa'een sirna araara Oromoo beektota Oromoo biyya keessaafi alaa akkasumas beektota saba adda addaa biyya keessaafi alaatiin yeroo dheeraadhaaf qoratamaa tureera. Qoratto onnis yommuu qorannoo isaanii gaggeessanitti dhimmoota adda addaa irratti xiyyeeffatu.

Gariin faayidaa araari hawwaasa keessatti qabu sakatta'uu irratti; Kuun ammoo qorannoowwan ammaan duraa waa'ee araaraa irratti taasifaman ciminaafi hanqina isaanii irratti.

Mata duree kana filachuuf wanti qorattuu kakaase inni jalqabaa dhimma ajaa'ibaa baay'ee murteessaa ta'ee hin qoratamiin jiru kana qorachuuf murteessite. Qorattuun akka muuxannootti aadaa beekamaa naannoo sanatti adda ta'e argachuu isheefi aadaa naannoo biraatti hin beekamne kana qorachuuf fedhiidhaan guutamuu isheetu qorachuudhaaf ishee kakaase.

Sirna araara harka rigaa Oromoo Kamisee hanga ammaatti baay'inaan kan xiinxale hinjiru. Kanaaf dhimma Araaraa harka rigaa kana irratti qorannoo gaggeessuun waa'ee araaraa qofa osoo hintaane waa'ee hawwaasichaallee akka hubataniif nama gargaara.

Seera bulmaata saba sanaa, seenaa sabichaa, rakkoo hawwaasicha keessa tureefi isaan mudachaa jiru akkamiin hiikaa turaniifi itti jiran hubachiisuufis faayidaa guddaa qaba. Kanaaf immoo adeemsa sirna raawwii araara harka rigaa xiinxaluun aadaa boonsaa saba Oromoo Kamisee labata dhufuuf dabarsuuf muteessaadha.

Akkuma qorattuun ka'umsa qorannooshee keessatti kaastetti namni wal ajjeese edda sirni araara harka rigaa raawwatee booda akkuma nama homaa wal hin miineetti namayyoo tahanii waliin jiraatu; akkasumas waliin nyaatanii dhugu. Dabalataanis walirraa fuudhanii walitti heerumu. Kun ammoo hawwaasa Oromoo Oromiyaa bal'oo keessatti walajjeesuun gumaa walirraa qaban erga gumaa kana araaramanii booda akka diinatti waldheessuufi bakka wal'arganitti gumaa baafachuuf jecha yerootti namni nagaan yakka tokko hin qabne sababa fira nama badii dalagee ta'eef lubbuun badutu mul'ata. Akka nyaphaatti wal balleessuu malee waliin jiraachuufi walharkaa fuudhanii nyaatanii dhuguun tasumaa waaan yaadamu miti. Dabalataan qe'ee irraa godaanuuniifi araarfachuuf illee beenyaan guddaan akka isaan barbaachisu ni beekama. Sabi Oromoo kamisee garuu beenyaa tokko malee araara buusanii galu. Kanaaf qorannoo kanaan aadaa boonsaa kana barsiisuufis ta'e akka muuxannootti labata ammaafis ta'e kan dhufuuf dabarsuun hawwiishee waan ta'eefi.

1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa

Namni qorannoo gaggeesu tokko dhimma qorannoo gaggeessuuf deemu sanaa beekuun dirqama. Kaayyoowwan kunneen qorannoo kana gaggeessuuf jalqaba maal gochuu akka qaban namatti agarsiisa waanta'eefi. Kanuma irraa ka'uun kaayyoo qorannoo dursanii barreessuun murteessaadha. Kanuma hundee godhachuun qorattittiin hojii qorannoo kanaa Kaayyoo gooroo fi gooreetti addaan baastee qooddeetti.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoongooroo qorannoo kanaa adeemsa sirna raawwii araara harka rigaa xiinxaluudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa:

- ❖ Qophii sirnichaaf ta'u tartiibaan dhiyeessu;
- ❖ Fakkoommii sirna araara harka rigaa keessatti tartiibaan maqaa dhahu;
- ❖ Hirmaattota sirnichaa addaan baasuun ibsuu;

- ❖ Namni firri jalaa du'e manduggoo sirna sana raawwachiisu yoo ta'e maaltu akka ta'u ibsuu;
- ❖ Faayidaa araari hawwaasa keessatti qabu ni eeru;

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Sirna araara harka rigaa irratti qorannoo gaggeessuun dhufteen hawwaasaa, aadaa, jiruuf jireenyi hawaasa sanaa maal akka fakkaatu osoo irraa hin hambisiiniifi itti hindabaliin fakkaattii hawwaasichaa lafa kaa'a. Kanaafuu sirna araara harka rigaa keessatti afoolaafi fakkoommiin xiinxaluun barbaachisaata'a. Hawwaasa Oromoo kan yeroo ammaa kana jiran biratti afoolliifi fakkoommiin sirna araara harka rigaa keessatti kan duraanii amma xiyyeeffannoo hin argatiin aadaafi duudhaa hawwaasaa (abbootii) isaanii duubatti deebi'anii barbaaduun dhaloota dhufuuf akka kaa'aniif gargaara.

Aadaafi turiizimiin aanaa kanaa nyaata aadaafi meeshaaleen aadaa sirna araara Harka rigaa keessatti faayidaa inni qabu hubachuun suuraafi viidi'oon akkasumas qabatamaan akka walitti qabaniif gargaara. Akkasumas uummata Oromoofi hawwaasa biroo erga gumaa araaramanii booda deebi'anii haaloo walitti qabachuun walmiidhaniif muuxannoo baay'ee gaarii ta'e kennuuf fayyada. Dabalataanis ajjeechaa sanyii duguuggaa gumaa baafachuuf jecha taasifamu hambisuu irratti shoora olaanaa taphata.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu daangaa mataa isaa qaba. Qorannoo kana aanaalee Godina Kamisee jala jiran mara keessatti gaggeessuun humna namaa, yeroofi baasii guddaa waan gaafatuuf ni ulfaata. Kanaafuu, aanaalee Kamisee torba jiran keessaa Aanaa Jiillee Dhummuugaa irratti daangeffama. Kanuma irraa ka'uun qorattuun kun qorannoo kana keessatti namni wal ajjeese adeemsa akkamii keessa darbuun gumaa akka baafatan xiinxaluu irra kan ishee daangesse waan ta'eef gumaa bineensotaafi kan nama diina isaa ajjeese hin dabalatu.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffamu tokko bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee xumura argata. Adeemsa Kana keessatti gufuuleen qorattittii mudatan muraasni niijiru. Gufuulee kanneen keessaa tokkoffaan hanqina yeroo osoo hojii idilee hojjetuu qorannoo kana waan gaggeessiteef yeroo dhabuu irraa kan ka'e saffisaan dalaguudhaan qorannicha galmaan ga'uuf

ariifachiisuun dirqama ta'e.Akkasumas hanqina qindeessanii barreessuu rakkoo konpiitaraa fa'i.

Namoonni qorattuun odeeffannoo irraa guurratte odeeffannoo kennuuf beellama guyyaa irraa guyyaatti dabarsuun sababa biraati.Akkasumas oddeeffannoo kana kennuuf fedhii dhabuun odeef-kennitootaa ragaalee barbaachisoo tahan akka sakattaa barruutti fayyadan gahaa dhabuufi barnoota gannaa barachaa,abbaltii hojjechaafi qormaataaf qophaa'aa hojjechuun yeroo ga'aa dhabuuf,dhumarratti sirni kun yeroo gaggeeffamu yeroofi bakka mataa isaa waan qabuuf yeroofi bakka barbaaddetti hedduu isaanii argachuu dhabuu fa'i.

Hanqina yeroo kana wayitii barattootaa sababa kanaaf manca'u akka guyyaa sanbataa bakka buustutti mana barumsaa wajjin walii galuun utuu dadhabe hin jenne duukaa buutee bahuun gandoota hunda irraa ragaa gahaa argachuu dandeesseetti.Dabalataan namoota odeeffannoo keennuudhaaf fedhii dhaban ammoo dhimmi odeeffannoon kun funaanamuuf qorannoo kana qofa galmaan ga'uuf irraa kan hafe hojii biraaf akka hin taane hubachiisuu dhaan odeeffannoo gahaa ta'e odeef-kennitoota irraa argatteeti qorannoo kana xumuraan gahuu dandeesse. Dhuma irratti barnoota gannaa barachaa qorannoo kana hojjechuun qorattuutti gufuu ta'ee waan argameef halkaniifi guyyaa dhama'uudhaan bona hojjechaa gorsaasheef imeeliin barreessitee duubdeebii gorsaan kennuufii hordoftee qorannoo kana galmaan ga'uu dandeesseetti.

1.7 Haala Naannoo Qorannichaa

Aanaan mogaasni maqaa aanaa Jiillee Dhummuugaa akka Geetaachoo (2007:3) irratti ibsetti maqaa namaafi muka dhummuugaa jedhamu irraa walitti fiduun moggaafame. Aanaalee godinichaa torba jiran keessaa tokko yoo ta'u magaalaa guddittii naannichaa Bahirdaar irraa km556 magalaa guddoo godinaa irraa km62 fi Finfinnee irraa km 253 kan fagaattu yoota,u gaarreeniin kan marfamtedha.Akka Geetaachoon (2001:5) irratti ibsetti aanaan Jiillee Dhummuugaa bal'inaan lafa hektaara 62,735 teessumni ishii immoo 10.02 kaaba keetiroosii fi35.55 bahaan 40.12 keetiroosii irratti argamti. Itti dabaluun akka Gee taachoo (2001:6) irratti ibsetti Aanaan Jiillee Dhummuugaa kun karaa Kaabaan aanaan Harxummaa fursii ,karaa bahaan mootummaa naannoo Affaar,karaa kibbaan godina Shawaa kaabaa jalatti kan bultu aanaa Qawaat, lixaan aanaa Ifiraataannaa gidimiin daangeeffamti.Aanaan kun gandoota baadiyyaa 19fi bulchiinsa magaalaa tokko

qaba. Olka'nsi garba irraa inni qabu meetira 1200-1800 nigaha. Haalli qilleensa isaa irra caalaatti gammoojjiidha.

Bara keessatti ho'inni isaa gidduu galeessaan digirii seentii gireedii 23 nita'a. Jiidhinni lafa isaas 980 ta'a jedhamee tilmaamama. Aanaa Jiillee Dhummuugaa lageen afur walakkaatti kutanii darbu. Lageen kunis bishaan Awweetuu, bishaan Haxaayyee, Jawwahaafi Qarsaa Adii jedhamu. Hawwaasa naannichaaf qurxummii keessaa bu'achuun nyaataaf itti gargaaramu. Namoonni naannoo kanaa ballinaan hojii qonnaa hojjechuu irra loon tikfachuun jireenya isaanii waan gaggeeffataniif jallisiif kan itti gargaaraman namoota muraasa. Karaa biraan lafti qonnaa isaanii jallisiif kan hin mijanne ta'uu isaa irraa kan ka'e lageen kunneen tajaajila kennuu malan osoo hin kenniin aanicha qaxxaamuruun biyya affaaritti seenu.

Dabalataanis Aanaan kun iddoowwan seenaa qabeeyyii beekamoo namoota biyya alaafi keessaan daawwataman sadii qabdi. Isaanis baargamoo lij Hiyyaasuun dhaabe; magaalaa sanbateetti walakkaa magaalattii irraa xiqqoo gara kaabaatti bahee kan argamu tahee lafa gabaa keessaa kan Dammi jalatti gurguramee bitamudha. Inni lammaffaa Masgiida Faq-abbaas ganda dullaa keessatti kan argamu magaalaa sanbatee irraa kiiloo meetira sadii gara bahaatti kan argamuufi bishaan Awweetuu magaalaa aanichaa irraa gara bahaatti fageenya kiiloo meetira afur irratti kan argamu fa'i. (Obbo Hammee Xayyaar itti gaafata Maa waajjira aadaafi turizimii Sadaasa 17/3/2010fi Abbagaar Mahaammed Arbiyyee Fardee Sadaasa 22/3/2010).

1.7.1 Aadaa uummata Aanaa Jiillee Dhummuugaa

Aadaan haala jiruufi jireenya hawwaasa tokkoo keessatti sirna ittiin bulmaataati. Kana qofaas miti hiikni aadaaf kenname bal'aadha. Kanuma ilaalchisuun hayyuun Harris, (2007:10) aadaa Yoo ibsu "Cultures taken in its wide ethnographic sense is that complex whole which includes knowledge, belief, art, morals, law, customs and others capabilities and habits acquired by man as a member of society" jedha. kana jechuun aadaa yoo bal'inaan ilaalle waan walxaxaa qaama hunda hammatu kan akka beekumsaa, amantaa, fakkoommii gaarii, seera, duudhaalee dandeettiiwwaniifi amaloota garaa garaa hawwaasa keessatti dhala namaatiin fudhatamanii argaman kan ofkeessaa qabudha; jedhee ibsa.

Qorattuunis kanuma bu'uureffachuun uummanni Aanaa Jiillee Dhummuugaa aadaa hed duu isa waliin ture qaba. Kanneen keessaa aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa wal gargaarsaa, aadaasanyiifacaafachuufi gootummaa irratti waltumsuu, akkasumas aadaa waldhabdee hiikuu cimaa ta'e qabu. (Maddi odeeffannoo waajjira aadaafi turiizimii aanaa Jiillee Dhummuugaa obbo Hammee Xayyaarii fi manguddoota sirnicha raawwa chiisan obbo Sheh Mahaammed Haajiifi Abbagaar Mahaammed Arbiyyee Sadaasa 20/3/2010)

1.7.2 Aadaa fuudhaafi Heerumaa

Akkaataan hawwaasni Oromoo ittiin jiraatu, walittidhufuufi gaddaafi gammaachuu isaa ittiin gaggeeffatu keessatti aadaan fuudhaa fi heerumaa isa hangafa. Aanaa kana keessatti aadaan fuudhaafi heerumaa baay'ee beekamaafi jaallatamaadha. Aanaa kana keessatti aadaan fuudhaafi heerumaa karaa sadiin gaggeeffama.

1. Kaadhimmatanii fuudhuu.
2. Butii
3. Siitahaa (jaalalaan sossobanii fuudhuu).

Kaadhimmatanii fuudhuu: Maatiin ijoollee wal fuudhanii osoo walii hin galiin dura gurbaan intalli warra abaluu gaahelaaf naataati waanta'eef nan fuudha qootii naaf seenaa jedhee maatii isaatti himata. Kana booda abbaan gurbaa obboleessa isaa waliin deemee seeraan kaadhim matanii mucaa isaanii fuusifatu. Qootii jechuun kan warri mucaa subiin ka'anii intala kadhaaf gara mana warra intalaa deemanidha.

Butii: Butii jechuun fedhii hin talaa malee humnaan fuudhanii galuun bultoo ijaaruu jechuudha. Kun ammoo kaniinni ta'uu danda'uu gurbaan intala jaallatee sababa adda addaan jalaa fuudhamuuf qophaa'uu ishee yoo dhagaheefi sababa hin beekamneen nan dhabaa laata jedhee yoo shakke hiriyyoota isaa mariyachuun butee gara manguddoo biyyaa ykn abba gaar bira geessa. Akka aanaa kanaatti intalli butamtee mana manduggoo kanaa jirtu osoo abba gaar hin eeyyamiin durbummaan irraa hin fudhatamu.

Osoo abba gaar biraa hin xummuramiin yoo durbummaa ishee balleesse gurbaan warra hintalaaf yoo xinnaate hanga loon 50 kenna (kaffala). Sababni kun taasifamuufis kabajaan heerumuu osoo dandeessuu humnaan fuudhamuun ishee yakka tokko ta'ee utuu jiruu; yakka lammaffaa irratti raawwachuu irraa namoonni kaan akka of qusataniifi. Sababni

inni lammaffaa durbi heerumtu tokko qooda bahuu qabdu qabdi waantaheef mirgi qooda ishee sun akka jalaa hin sarbaneef sodaa adabbii kanaaf jecha of eeggatu waan taheefi. (Abbagaar Hammee Shollee Ogeessa mana murtii shariyaa aanichaa Sadaasa 18/3/2010)

Siitahaa (jaalalaan sossobanii) fuudhuu:Aadaan kun aanaa kana keessatti darbee darbee nimul'ata.Kun ammoo fedhii intalaafi kan gurbaatiin murtaa'a.Ijoolleen lamaan waljaallannaan nama kamitti osoo hin himiin wal fudhatanii yeroof bakka jirani iddoo biraatti godaanu.Godaansi kun akka jiru waan beekuuf gurbaan dursee qarshii gahaa qabatee baha.Yoo akkas hintaane rakkoon cimaan isa mudachuu danda'a,.Erga wal fudhatanii deemanii booda waggaa lamaa oliif gara biyyaatti hin deebi'ani.Waggaa lamaan booda garuu deebi'anii gara biyyaatti galuu danda'u. Sababa kanaaf yeroo ammaa siitahaan darbee darbee malee haffaa dhufeera. (Abbagaar Hammee Shollee Ogeessa mana murtii shariyaa aanichaa Sadaasa 18/3/2010).

1.7.3 Aadaa Nyaataa

Aadaan uummata Oromoo biratti beekamaafi jaallatamaadha.Kana keessaa tokko aadaa nyaataati.Aadaan nyaataa kun akaakuu adda addaa qaba.Isaan keessaa Aanaa Jiillee Dhummuugaa keessatti beekamoo kanneen ta'an warren armaan gadiiti.

Burqumsaa: Nyaanni aadaa burqumsaa jedhamu uummata Oromoo Aanaa Jiillee Dhummuugaa biratti baay'ee beekamaafi jaallatamaadha. Kan inni irraa qophaa'us garbuun taffagamee qollisaa irraa qullaa'ee booda akaawwama.Itti aansuun akaayii sana mooyyeetti naqanii shafuun sirriitti qola irraa qulqulleessu.Achiin dhadhaa baksaa dammaan laaquun garbuu akaawamen walitti laaquun keessummaa kajaaf dhiyaata.Akkasumas yeroo gaa'elaa hintala heerumtuuf galaa haati yoo xinnaate baatii tokkoof abbaa manaa ishee wajjin qulfoo teessee nyaattuuf gudunfitudha.

Marqaa: Nyaata aadaa naannoo kanatti beekaman keessaa kan biroon ammoo marqaadha.Garbuun erga qolli isaa taffagamee irraa qulqullaa'ee booda eelee supheetti naqamuun ho'a. Daaksifamuun seeraan dubartoota sirriitti marquu danda'aniin marqama. Kanaa booda dhadhaan itti naqamuun keessummaafis tahe nama nyaatu hundaaf dhiyaata.Akkasumas deessuuf gola ulumaatti kennama.

Dimmisoo: Dimmisoon nyaata aadaa aanaa Jiillee Dhummuugaa keessatti qofa qophaa'u dha. Aanaalee godinichaa biroo keessatti hin beekamu.Kani inni irraa tolfamus daakuu

gosa midhaan wanta fedhee tahuu dandaha. Akkaataan itti qopheeffamus; laaffisuun eele suphee irratti sataattee tolchuun salixii akaawame waliin walitti tumamee booda dhadhaa bakfametti cuuphuun qeerroo fuudhaaf qophaa'uufi daa'imman xixiqqoof, akkasumas nama dugdi dhukkubuuf kennama. Sababiin isaas nyaatichi jabina qaamaafi qorichumma atiif waan fayyaduufi.

Birri'ii: Birri'iin nyaata aadaa aanaa kanaa keessaa kan biroo yommuu ta'u innis gosa affeellaa (shummoo) ti. Kan inni irraa qophaa'us gosa midhaanii ataraafi cammaggoo (misingaa) irraati. Erga affeelamee sirriitti bilchaatee booda baksaan itti naqamee gaafa guyyaa cidhaa misirroof dhiyaata. (Maddi aadde Faaxee Aliyyii Jundii Sadaasa 16/3/2010)

1.8 Iddoowwan seenaa qabeeyyiifi Hawwata turiizimii Aanichaa

Aanaan Jiillee Dhummuugaa iddoowwan seenaa qabeeyyiifi hawwata turiizimiif oolan baay'ee qabdi. Iddoowwan seenaa qabeeyyiifi hawwata turiizimii kanneen yeroo hedduu namoonni biyya keessaas ta'e kan biyya alaa dhufanii daawwatu. Bakkeewwan seenaa qabeeyyii tahan keessaa beekamoon kanneen armaan gadiiti.

Bishaan Hawweetuu: hawweetuun iddoowwan seenaa qabeessa Aanaa Jiillee Dhummuu gaa keessatti argaman keessaa isa tokko yoo ta'u; magaalaa aanichaa Sanbatee irraa gara bahaatti km5 fagaatee argama. Iddoon seenaa qabeessi kun bishaan uumamaan danfee lafa keessaa burqu yoota'u hurki ykn aarri bishaanichaa dhukkuba qorraafi dhukkuba gogaa irraa nama fayyisuu dandaha. Guyyaatti daawwannaaf qofa osoo hintaane qorichummaa isaatiif kan achi deeman lakkoofsaan hedduudha. Akkasumas yeroo sirni gaa'elaa raawwatamu misirroonni achi deemuun bashannanaa suura ka'u.

Gabayaa Sanbatee: Gabayaan sanbatee gabaa baay'ee guddaadha. Iddoowwan gabaa biyya keessa jiran irraa kan adda isa taasisu sabaafi sablammoonni adda addaa afurii ol gabayaa kanatti bittaafi gurgurtaa gaggeeffachuu isaaniiti. Sabaafi sablammoonni kunneen saba Oromoo, saba Amaaraa, saba Argoobbaafi saba Affaari. Sablammoonni kunneen uffata aadaa isaanii uffatanii waan dhufaniif gabayaan kun miidhagina addaa qabaachuu isaafi baargamoon liji Hiyyaasuun dhaabe bakka lafa gabaa sana keessatti waan argamuuf qorattoonni seenaafi daawattoonni biyya alaafi keessaa yeroo hedduu bakka lafa gabayaa kanatti argamu (gabayaa kana daawwatu).

Masgiida Faqabbaas: Masgiidni kun namoota dur turaniin dhagaa miidhagaa irraa waan ijaarameef seenaa adda ta'eefi miidhagina adda tahe waan qabuuf namoonni hedduunid doo kana deemuun daawwatu. Masgiidni kun magaalaa aanichaa Sanbatee irraa gara kibbaatti kiiloo meetira 10 fagaatee argama. Masgiida kanneen biroo irraa wanti adda isa taasisu yoo jiraate meeshaalee dur turan irraa ijaaramuu isaati. Haalli ijaarsa masgiidakan aas kanneen ammaa irra bay'ee waan miidhaguufi jabaatuuf hambaa seenaa tahee akka naannoo sanaatti galmaa'e jira. Sababa kanaaf namoonni hedduun iddoo kana deemanii daawwatu.

1.8.1 Hidda Dhalootaafi Qubsuma Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuuga


Aanaan Jiillee Dhummuugaa aanaalee godina addaa sablammii Oromoo Kamisee jalatti argaman keessaa tokko. Maqaan Jiillee Dhummuugaa jedhu kanmoggaafame akkasumaan miti. Aanaan Jiillee Dhummuugaa maqaalama jiilleefi dhummuugaa irraa moggaafame.

Jiillee: Akka Geetaachoo (2001:7) ibsetti jiilleen maqaa namaati. Dhummuugaan immoo maqaa muka naannoo kanatti argamuuti. Jiillee namni jedhamu ijoollee shan qaba. Ilmaan shanan keessaa lama kan ofii dhalche yoo ta'u sadiin immoo naannoo Oromiyaa irraa dhufanii isa bira jiraachaa turani. Yeroo sanatti jiille namni jedhamu kun ijoollota isaatiis kan iddoo biraatii dhufanis akkuma ilmaan isaatti waan ilaaluuf ijoolluma isaa godhatee isaan guddise. Shanan jiillee kun iddoo mukti dhummuugaa jedhamu kanatti mana ijaarra tanii jiraachaa waan turaniif kanuma irraa ka'uun moggaasni maqaa aanaa kanaa Jiillee Dhummuugaa jedhame.

1.8.2 Shanan Jiillee


Jiilleen ilmaan shan qabaachuu isaa armaan olitti ibsameera. Ijoolleen kun shanan Jiillee jedhamu. Maqaan isaaniis Liiban, Bala'aafi Warra qaalluu kan guddifatan yoota'u Abboofi Karrayyuun ilmaan ofii dhalchedha. Haaluma kanaan hiddi dhaloota Jiillee babal'atee har'a uummata magaalaa baadiyyaa miliyoonaan lakkaa'aman kanarra gahee jira. Kunis tokkoo tokkoo hidda dhaloota shanan jiillee akka armaan gadiitti caatoon kaa'amuuf yaala.

1.8.3 CaasaaHidda Latiinsa Jiillee



Madda: Getaachoo (2001:7-10)

Fakii 1. Kaartaa Aanaa Jiillee Dhummuugaa.



Maddi: Waajjira Sabqunnamtii Aanaa Jiillee Dhummuugaati.

Boqonnaa Lama: Sakattaa Barruu

Boqonnaa kana keessatti barruuwwan fookilooriifi gosoota isaa keessaa sirna araaraatiin yooiin walhabbiin hiikuun wal qabatan sakatta'uun ibsa kennuun danda'ameera. Hojjiileen gurguddoon boqonnaa kana keessatti ibsamanis: kitaabilee mataduree qorannoon kanaan walfakkaataniifi itti dhiyaataniif ibsan, yaadrimee kan kaasaniifi qorannichaaf tumsa laatan dhiyaatanii jiru. Inni lammataa qorannoo kanaan dura dhimma kanaan walqabachuun hojjetame sakatta'uun deeggarsa mata duree qorannichaa taasisuun cimsuun danda'ameera. Yaaxxinni qorannoon kun bu'uureffamee hojjetame kan dhiyaates boqonnaa kana keessatti.

2.1 Fookiloorii

Fookilooriin ogummaa, barsiifata, og-barruu, beekumsaafi gochaalee amala hawwaasa tokko keessatti argamudha. Kana jechuun gareen hawwaasaa kamiyyu fookiloorii hawwaasa biroo irraa adda baasee isaan ibsu kan mataa isaanii qabu. Kunis kan hawwaasa garee murtaa'e tokko keessatti argamuun maalummaa hawwaasa sanaa ibsuun kan akka daawwitii ifatti baasuun mul'isudha. Kunneenis, akkaataa sirbaa, shubbisaa, sochii qaamaa, akkaataa jireenyaa, akkaataa ijaarsawwanii /meeshaaleen hawwaasni tokko dhimma itti bahuu guutummaa guutuutti kan ittiin ibsamanidha.

Karaa birootiin ammo fookiloorii jechuun ogummaa(art), hojii harkaa, muuxannoo namootaa kanneen akka; durdurii, hibboo, sirbootaafi gochaaleen ilmi namaa guyyaa guyyaan raawwatu aartii gochaa/gahee fookilooriiti(Jan BranVand,1978). Akka yaada hayyuu kanaatti adeemsa jiruufi jireenya hawwaasa tokkoo keessatti gochaaleen ykn ogummaawwan bifa adda addaatiin mul'atan hundi fookiloorii jalatti hammatamu jechuudha. Kun immoo gochaalee ilmi namaa haala jireenya isaa kan guyyaa guyyaan dubbatu, uumu, seenessuufi itti fayyadamu hunduu fookilooriidha jechuudha. Yaaduma kana Steven (1964:552) akka ibsetti "Foklore is the traditional beliefs and customs of a community passed on the word of mouth" jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti fookilooriin duudhaa, amantaafi barsiifanni hawwaasa tokkoo kan afaaniin labataa labatatti darbu ta'uu isaa agarsiisa. Kun kan ta'u hawwaasa hariiroofi eenyummaa walfakkaatu qaban keessatti. Kanatti dabaluun Oring (1986) Dundes wabeffachuun akka ibsutti; "Folk can refer to any group of

people what so ever who share at least one common factor. The common factor creat asense of collective identity, sothat any population with asuch sense of could be regarded as a folk”jetti.Akka waraabbii kanarraa hubachuun danda’amutti“folk” jechuun garee hawaasaa kamiyyu tahee yoo xiqqaatee xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha.Waan isaan waliin qooddatan kun ammoo miirri eenyummaa keessatti uumamuu danda’uu agarsiisa.

Miirri eenyummaa kun dhuftee hawaasichaa, aadaafi amantaaf bu’uurata’a.Kanaaf gareen hawwaasaa uumamu fookilooriif bu’uura ta’a.Haluma uumamsa isaa irratti hundoofnee fookiloorii akaakuu adda addaatti qoodnee ilaaluu dandeenya.

2.1.1 Gosoota Fookiloorii

Gosoonni fookiloorii akkaataa itti fayyadamaafi amala, iddoofi ka’umsa irratti hundaa’ uun bifa garaa garaatiin argamu. Kanas akka hayyuun Marth.C.Simas (2005) ibsetti gosoota fookiloorii akka armaan gadiitti kaa’ee ibse keessaa qorattuun qorannoo isheef akka ta’utti kan keessaa fudhattetti akka armaan gadiitti itti fayya damteetti. Dabalataanis hayyuun Dorson (1972:1) fookiloorii iddoo gurguddaa afuritti qoode: Afoola (oral literature), meeshaalee aadaa (material culture), Jireenya barsiifataa (social folkcustom) fi raawwii ‘fook’ aartii (performance folk art) dha. Qorattuunis gosoota fookiloorii kunneen hunda fudhachuun tumsa qorannoo isheef barbaachisu hunda gooteetti.

2.1.1.1 Afoola

Afoola jechuun fookiloorii afaaniin ogummaa hawwaasa tokkoo labataa labatatti himamsa afaaniin dabarsudha.Kana jechuun kanneen akka durdurii, mammaaksa, hibboo, baacoofi jechama kan afaaniin himamuun waliif dabarsanidha.Karaa biraatiin afoolli barsiifata afaanii kan dubbii afaaniin ergaa waliif dabarsanidha.Barsiifata afoolaa jechuun galmee afoola ammayyaati.Akkasumas kan wantoota darban irraa dhaalamanii ykn fudhatamanidha.Kunis dame ogbarruu keessaa isa tokko ta’ee kan seenaa jalqaba ilmaan namaan yeroo durii raawwatame ittiin addeessamudha.(VansinaJ,1965).

Ben-Amos (1979:430).Brunvand wabeeffachuun yoo ibsu, afoolli golbaa uummanni afaan tokko dubbatan walitti dhufan, daawwitii ilaalcha aadaa isaaniifi ilaalchaa ykn yaada maalummaa isaanii agarsiisudha.Bifuma wal fakkaatuun Austin (1994:85) afoola handhuura/ walakkeessa daandii jireenyaafi lubbuu aadaa uummataati jedha.

Gama bu'aa uummataa eegsisuufi mul'isuun, ilaalcha wali igalaa uummatichi addunyaa keessa jiraatu qabu ibsa. Akkasumas, riqicha jireenya isaanii guyyaadhaa gara guyyaatti gara fuula duraatti ittiin tarkaanfatu ta'aaf jedhee ibsa. Yaaduma kana Addunyaan (2014:166) haala armaan gadiitiin ibseera. Afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo gara labata biraatti afaaniin darbuudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa, uumama, beekumsa, naatoofi bareedina ittiin ibsatu ta, uu ni danda'a.

Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhate miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eesu, hojii uumee ta'uun isaas ifa. Kanaafuu, aadaafi seenaa, sadarkaan guddina hawwaasichaa irra turee fi jiru mul'isuuf, jechootaafi ibsitoota dhaga'uuf dubbachuun tolaan kunuunsee dhiyeessa. Hawwaasni Oromoo bakkaafi yeroo adda addaatti dhimma adda addaatiif afoolatti gargaaramee ergaa isaa dabarfachaa ture. Dabar fachaas jira. Afoolli isaa kunis, seetoo isaa, waan ta'eef isaan gorsata. Seemmodinagdee, aadaafi eenyummaa isaa waan taheefi isa ilaalee quufa. Naatoon of jajjabeessee har'umeetti quba qaba. Daawwitii jireenya isaa waan ta'eefis kaleessa ilaallatee kan har'aa jiraata. Har'a gudunfatee boor ka'ee fudhata. Isatu jireenya. Jireenyatu isa. Kanaafuu dubbatamee hin dhumu jedha.

2.1.1.2 Meeshaalee Aadaa

Namoonni fedhii meeshaafi xiin-sammuu guddifachuuf dandeettii ogummaa agarsiisu jechuudha. Kan hojjetan, wantoota ijaan mul'ataniifi kanneen harkaan qabamuu dandahanidha. Isaanis ijaarsa manaa, faayaafi meeshaalee harkaan hojjetaman, kan akka hojii harkaa, aartii (fakkii hojii saxaxaa), uffata aadaafi nyaataa aadaa kan hammatudha.

Qorannoo kana waliin gosoonni fookiloorii kunniin waliin deemuu baatus, hanga tokko meeshaaleen aadaa sirna araara harka rigaa Oromoo Kamisee aanaa Jiillee Dhummuugaa keessatti barbaachisan jettu waliin waan wal qabataniifi. Akkasumas meeshaaleen aadaa qaama fookiloorii hawwaasa tokkoo waanta'aniif qorattuun qorannoo ishee keessatti hammachiisuu dandeesseetti. Kanaaf meeshaaleen aadaa kun kan miidhaginaa fi meeshaa sirni aadaa hawwaasa tokkoo ittiin kabajamus ta'uu dandaha. Akka Imaanaa (2007:49) qorannoo isaa keessatti ibsutti 'meeshaaleen aadaa kan akka sabaroo, jaaloo, okolee, qoro

bee, weessoo, meeshaalee aadaa nyaataa fi dhugaatii ayyaana ateetee waliin walqabatani dha'jedha.

2.1.1.3 Barsiifata Hawaasaa

Kunisakka hayyuun armaan olii ibsame jedhutti “Barsiifanni” hiika guutuu kan hawwaasa tokkoo keessatti bifa adda addaatiin hubatamudha. Kun immoo beekumsa garee hawwaasa tokko keessatti mul'atu jechuun nidandahama. Innis barsiifata seenaa ibsu yookiin kan duudhaa hawwaasa tokkoo guutummaa guutuutti addeessuun beekamudha.

Yaadumakana Fekede (1991:14-15) akkas jechuun cimsa. Barsiifanni hawwaasaa cehumsa sadarkaa (sirna Gadaa, sirna araaraa, dhaqna qabaa, fuudhaafi heeruma.....) qoricha aadaa, haala lakkoofsa baraa, jilaafi kabaja ayyaanaa, bashannanaafi taphoota, barsiifata amantii kan ofkeessaa qabu jechuun ibsa.

Dabalataanis duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin baay'ee walitti dhiyaata. Akka Doorsen ibsutti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaatiirra xiyyeeffannaa kan itti godhu (walitti dhufeenya) gareerratti. (Dorsen 1972:3). Duudhaan hawwaasaa uummata keessatti umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawwaasni hundi itti walii galee fudhatedha.

Kutaa kana keessatti kan ramadaman kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa, waaqeffannaafi guddina sadarkaa (kabaja) namaati.

2.1.1.4 Aartii Duudhaa

Gosti fookiloorii kanaa gocha Afaanii, gochaalee nama dhuunfaafi hawwaasa tokko irratti mu'atu kan agarsiisudha. Kunis sirba ykn shubbisaafi diraamaa Kan ofkeessatti hammatudha. Kun immoo kan agarsiisu akkaataa hawaasni tokko sochii qaamaan agarsiisuufi sagalee dhageessisuun aadaa isaa ibsatu fookiloorii dalagaa tiinidha. Afoola sochii qaamaafi sagaleen ala dabarsuun rakkisadha. Kan geeraru yoo jiraate kan jajjabeessu jiraachuun hin oolu. Kan weeddisu yoo jiraate kan jalaa qabu jiraachuu mala. Kan mammaaku yoo jiraate kan dhaggeeffatu jiraachuun dirqama. Kan jedhuuf kan jalaa qabu yookaan kan dhaggeeffatu gidduutti quunnamtiin walirraa hin cinne ni mullata. Kanaafuu, afoola keessatti gochi gahee olaanaa qaba jechuudha. Waa'ee kanaa Ruth Finnegan (1970:12) akkaataa armaan gadiitiin ibsiti.

It is always essential to raise points which would seem only secondary in the case of written literature questions about the details of performance. Audience and occasion. To ignore these in an oral work is to risk missing much of the subtlety and individual originality of its creator and far ther more to fail to give consideration to the aesthetic canons of these intimately concerned in the production of this form of literature.

Afoola keessatti waa'ee gochaa dagachuun waan baay'ee hir'isuu danda'a. Akkasumas ergaan darbu ni bushaa'a. Uumama isaas ni gadhiisa. Waluumaa galatti afoolli gocha malee dhiyaatu nyaata ittoo malee dhiyaatu waliin tokkodha jechuun ni danda'ama. Kana af amaloota afoolaa keessaa gochi iddoo olaanaa kan qabudha.

2.11.4.1 Faayidaa Fookiloorii

Faayidaan fookilooriin hawwaasa tokko keessatti qabu daangaa kan hin qabnedha. Innis akka walii galaatti wanti garee hawwaasa beekamaa tokko gidduutti mul'atu marti fookilooriin kan ibsamudha. Fookilooriin hawwaasa tokko keessatti aadaa, barsiifata, gochaalee, ilaalcha, duudhaa, seenaa, og-afaaniifi kan akka walii galaatti haala jireenya hawwaasa tokkoo guyyaa guyyaan agarsiisudha. Hawwaasni yeroo hunda haala tokko keessa hin jiraatu. Kana jechuun hawwaasniifi haalli jireenya isaanii martuu jijjiiramaadha jechuudha.

Jijjiiramni kunis kan dinagdee, hawwaasaa, amantii, siyaasaafi aadaa bu'uureffate ta'uu mala. Kallattiinis ta'e alkallattiin jijjiiramni dirreewwan hojii kanneen keessatti taasifamu bu'aa ba'ii hawwaasaafi milkaa'ina isaa faana bu'uun kuusee kan tursu fookilooriidha. Kuusuu qofa osoo hin taane yeroo tokkotti haala hawwaasni tokko keessa tures ni ibsa jechuun lafa kaa'aniiru.

2.1.1.4.1.1 Waldhabbi

Waldhabbi jechuun waan haaraa seenaa dhala namaa keessatti raawwatamu jechuu miti. Waldhabbiin yeroo dheeraaf muuxannoo dhala namaa waliin kan deemmuufi nama irraa adda bahee kan hin ilaalamnedha. Kunis kan hubatamu hirmaannaa waraanaa ykn walmormuu paartilee lamaafi isaa olii hawwii haalaa qabanidha. Karaa biraa immoo hayyuun Imbobighe (2003) waldhabbiif hiika itti aanu kenneera. Yaadni kunis "waldhabbiin yaada wal hin taaneef adeemsa hariiroo uumuuf walitti bu'insi fedhii guuttachuu paartiiwwanii nitaha jedhanii itti hirmaatanitti yeroo baay'ee walii galuu

dhabuu irraati ykn kaayyoo isaan filatanitti”.Hayyuun Fisher (2004) waldhabbii akkanatti ibseera.“Waldhabbiin hariiroo paartiilee lamaa ykn lamaa olii ykn nama dhuunfaan ykn gareen kaayyoo wal hinsimne qabanidha” (Maddi qorannoo hin maxxanfamne kan yuunivarsiitii Finfinneeti).

2.1.1.4.1.2 Maddoota Waldhabbii

Waldhabbiin karaalee hedduu uumamuu danda’a.Akka hayuun Kihlman (1960)fi hayyuun Thomas (1977) ibsanitti maddoota waldhabbii akka armaan gadiitti tarreessuun ibsa kenniteetti.Waldhabbiin keessa namaatti haaloo kuufamuun dhufu,waldhabbii hawaasaafi hawaasa gidduutti uumamuun dhufuufi waldhabbii gocha badii uumamuun dhufu jechuun keesseetti

2.1.1.4.1.3 Dhimmoota Waldhabbii hiikuu Irratti Yaada Hayyootaa

Akkaataa qorannoon fookiloorii gaggeeffamu irratti hayyoonni yaada walfakkaataa hin qabani.Kunis fookilooriin wantoota baay’ee bal’aafi walxaxaa ta’ee ofkeessaa qabaachuu isaatii irraa kan ka’edha. Haata’u malee, hayyoonni adda addaa yeroo garaa garaa keessa qorannoo gaggeessaa turaniiru.Kanaaf qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu yaadiddamo ota garaa garaa bu’uu reffachuu danda’a.Haaluma kanaan qorannoon kunis yaadiddama tajaajilaa bu’uura godhachuun raawwatame.

Akka yaadiddama kanaatti,faayidaa araarri hawwaasa keessatti qabu gidduu galeeffatanii ilaaluun murteessaadha.Yaada kana Bascom (1992:175),enna ibsu “...as folklorists we examine the verbal customary way and how it is important to the people sharing it” jedha.

Yaada kana irraa akka hubannutti, qorataan afoolaa yaadiddama tajaajilaatti kan fayyadamu yoo ta’e ogummaa, mallattoo (verbal art) akka ijaarsa kalaqaatti kan hawwaasa tajaajiluu, walitti fiduufi gidduu galeessummaan aadaan akka ijaaramuuf gahee olaanaa qaba.

Kanaaf waldhabbiin kan inni uumamu haala garaa garaatiin walitti dhufeenya dhuunfaafi namootaa sadarkaa garaa garaa keessatti kan yaadaan waldhaban gidduutti. Waldhabdee kana hiikuuf ammoo manduggoonni ogummaa qabaniifi mallattoowwan fookiloorii

garaagaraatti dhimma bahuun qaama waldhabe lamaan walitti fiduun rakkoo gidduu isaanii jiru furuun aadaa kana immoo dhaloota jiruufi kan dhufuuf dabarsu.

Akka addunyaatti waldhabdeen sadarkaa keessatti amala walfakkaatuufi dhaabbataa kan qabudha. Kun kan ibsu namoota lama gidduutti/garee waldhaban lama gidduutti kangageeffamudha. Namoonni osoo hin jaallatiin waldhabdeen gidduu isaaniitti uumamuu dandaha.

Kunis sababa fedhii keessa isaanii irraa kan ka'eefi kan duudhaa ykn safuu isaaniin walqabatu irratti ta'uu mala. Nama waldhabe araarsuun nagaafi tasgabbi bu'aa qabeessa tahe hawwaasa gidduutti uumuuf kan adeemsifamudha. Kunis haala dhaabbataa taheen bifa waliin jireenyaa hawaasa keessatti argamudha. Haalli kun immoo tooftaa mala jireenyaa hawwaasa wal dhaban gidduutti nageenyaafi tasgabbi buusanidha. Kun kan ilmi namaa jiraachuuf miira keessa isaaniitti dhaga'amu ibsachuuf jecha taatee raawwatamudha (Burtan, John. W 1969).

Kana jechuun kan ilmi namaa nageenya isaa gaggeeffachuuf itti fayyadamu araaradha. Araara jechuun adeemsa namoota waldhaban ittiin nageenyaafi amala gaarii gidduutti uumuuf kan seera bulmaata isaanii waliin walqabsiisanii tasgabbi hawwaasa hunda keessatti uumanidha. Knis xiin-sammuu, falaasama, saayinsii siyaasaa, xiin-hawwaasafi seera keessatti baay'inaan kan dalagamudha.

Adeemsi kun immoo karaa namoota amala gaarii hin qabne gara amala mishaatti jijjiiruu danda'uun akka raawwatamu horachiisuu danda'uudha. (Garcia, Edamundo, 1994). Haalu ma walfakkaatuun, waldhabbiin waan haaraa seenaa dhala namaa keessatti raawwatamu miti. Waldhabbiin yeroo dheeraaf muuxannoo dhala namaa waliin kan deemuufi nama irraa adda bahee kan hin ilaalamnedha. "Conflict understood as ebagement cline fight or possible confrontation between two or more parties as spring to wards incompatible or competitive means or ends" (University peace 2005:322).

Kunis waldhabbiin kan hubatamu hirmaannaa waraanaa ykn walmormuu paartilee lamaa olii hawwii waldorgommii haalaan qabanidha. Karaa biraan hayyuun Imbobighe (2003) waldhabbiif hiika itti aanu kenneera. Yaanni kunis "waldhabbiin haala waliin hin taaneen adeemsa hariiroo uumuufi walitti bu'insa fedhii guuttachuu dhabuu paartiwwaanii taha

jedhanii” itti amananitti yeroo baay’ee abdiid dhabuurraa walitti bu’insi fedhii dhabuu kan inni uumamu. Walii galuu dhabuu dhimmaa yookiin kaayyoo isaan filataniiti.

Conflict as a condition of disharmony in an interaction process and usually occurs as a result of clash of interest between the parties involved in same form of relationship. Clash of interest could occur because either they are pursuing their in compatible goals to pursue their chosen goal, jechuun ibseera. Yaaduma kana cimsuun hayyuun Fisher (2004) yoo ibsu, conflict as a relationship between two or more parties (individuals or groups) who have or think have in compatible goal jechuun lafa kaa’era.

Wadhabbiin hariiroo paartilee lamaa ykn lamaa olii (namoonni dhuunfaan ykn gareen) kaayyoo wal hin simanne qabanidha. Waldhabbiin walitti dhufeenya namoota keessatti taateewwan itti famuu hin dandeenyedha. Kunis, walsimachuu dhabuu kaayyoorraafi kaayyoo kana galmaan gahachuuf immoo walloluun ni uumama. Lolli kunis, gara waldhabbiin hamaatti deema. Lolli hamaan ammo lubbuu namaa kabaja qabeessaafi leccalloo balleessa.

Hayuun Jeong (2006:167) akkas jechuun ibsa. “once conflict turned into violence bit needs commitment of all actors and those who have interest in the conflict to resolve and manage conflicts in order to bring the situation in to the peaceful situation” Yeroo tokko lolli yoo uumame namoota dhimma hojii kanaa hiikuu qabaniifi to’achuuf haala mijeessanii nagaaf dhaabbatantu barbaachisa jechuun ibsa. Waldhabbiin tokko mul’achuun gara lolaatti yoo deeme yaaxinaaleen adda addaa kan ittiin to’atan ni jiru. Isaan keessaa yaaxxina hayyuu Zartman (1996) akkana jedha, tooftaan ittiin waldhabbiin to’atan jaar miyaa tarsiimoo waldhabbiin hojii irra oolchuu danda’an adeemsa qaamolee waldhaban gidduu seenee hariiroo uumuu, fedhii tarsiimoo jaar miyaa isaaniifi tarsiimoo waldhabbiin Sana to’atu baafatanii sakatta’uun araarsuudha jedha.

Conflict management mechanisms through institutions concerned with the implementation of strategies, process of interaction between conflict parties. This includes parties presentation of the demands based on this institutions purpose a police and strategy to manage conflicts (Zartman 1996:48) jechuun ibseera.

Kana jechuun yaada jaar miyaaalee waldhabaniin fedhii isaanii walitti qabuun adeemsa sababa waldhabbiin jaar miyaa sana mul’isu akka kaa’atan gochuufi furmaata itti

laatanidha. Hayyuun Ginty (2006) sababa waldhabbi lolaa to'achuu osoo hin seeniin dura tarsiimoofi firii isaa irratti xiyyeeffachuun fedhii waldhabdootaa gara lolaatti isaan geese sana addaan baafachuudha jedhee sababa isaa kaa'a. "Ginty argue that any conflict management strategies should not direct addressing violence rather the effort and strategies should focus on identifying argue ment human needs which leads to violence" (Ginty,2006:34). Waldhabbiin jaarraa hedduuf sammuu hayyoota ciccimoo tahaniin qo'atamaatureera. Haata'u malee, bifa qo'annaa haqa qabuun kan jalqabe jaarraa 20ffaa keessa ture. (Schellenberg 1966) dhufaatiin xiin-madda hawaasaafi mul'achuu maxxansa haqaa siyaasaa Afrikaa waliin bara (1940) hayyoota Forestfi Evans-pritchard jedhamaniin qo'annaan waldhabbi furuuf beekamaa ta'eera. Maalummaa waldhabbi hayyuun Fisher (1990) haala armaan gadiitiin addeesseera. Waldhabbiin wal madaaluu dhabuu yaadaa ykn sona garee lamaafi Sanaa ol hariiroo isaan gidduu jiru to'achuuf yaada walcimsaa deeman jedheera.

"Conflict is defined as in compatibility of goals or values between two or more parties in a relationship combined with attempt to control each other and antagonistics feelings towards each other" Fisher(1990).

Hayyuun Kiesberg (1998) waldhabbi yoo addeessu, waldhabbiin humna cimaa balleessaa fiduu danda'udha jedha. Jacoby (2008) Kriesberg (1998) wabeeffachuun hiika waldhabbi ikaaheera. Waldhabbiin walgituu dhabuu paartilee lamaafi lamaa oliiti. Paartileen kunneenis namoota dhuunfaa lama, maatiiwwan, hiriyoote, gareewwan dhaabbilee siyaasaa ta'uu dandaha "Conflict is the incompatibility of interest between two individuals, families, lineage, communities, political organization and the like" Jacoby (2008:52) irratti Dahrendorf (1959) wabeeffachuun yaada kaaheera. Ibsi isaas, waldhabbiin hawwaasa keessatti karaa tokkoon jijjiirama milkaa'inaafi tasgabbii fiduu yoota'u gamabiraatiin hirmaachisummaa kan hinqabneefi miidhaa cimaa kan geessisuu danda'udha.

2.2 Dayyeessa Qorannichaa

Wal dhabbiin tokko mul'achuun gara lolaatti yoo deeme Yaaxxinaaleen adda addaa ittiin to'atan ni jiru. Isaan keessaa Yaaxxinni hayyuu Zartman (1996) akkana jedha, tooftaa ittiin waldhabbi to'atan jaarmiyaa tarsiimoo hojii gubbaa oolchuu danda'an adeemsa

qaamolee wal dhaban gidduu seenee hariiroo uumu, fedhii tarsiimoo jaar miyaa isaaniifi tarsiimoo wal dhabii sana to'atu baafatanii sakatta'anii araarsuudha.

“Conflict management mechanisms through instructions concerned with the implementation of strategies, process of interaction between conflict parties, this includes parties presentation of their demands based on this institutions purpose and strategy to manage conflicts” (Zartman 1996:48) jechuun ibseera.

Akkaataa qorannoon fookiloorii gaggeeffamu irratti hayyoonni yaada walfakkaataa hin qabani. Kunis fookilooriin wantoota baay'ee bal'aafi walxaxaa ta'ee of keessaa qabaachuusaatii irraa kan ka'edha. Haata'u malee, hayyoonni adda addaa yeroo garaa garaa keessa qorannoo gaggeessaa turaniiru.

Kanaaf qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu dayyeessawwan garaa garaa bu'uu reffachuu danda'a. Haaluma kanaan qorannoon kunis dayyeessa aadaa hawwaasaa bu'uura godhachuun raawwatame. Dayyeessi kun kan madde qo'attoota duudhaa kan ta'an kanneen akka Iorwerth Peate, Don Yoder fa'iini. Kaayyoon fookilooristii kanaas, qorattoota kaan keessatti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimu taasisuudha. Bu'aan hawwaasaa (wantoota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo argachuu qabaan yaada isaaniiti.

Akka yaada dayyeessa kanaatti qorannoon hammayyaawaa ta'e kan dayyeessa qofaa gidduu galeeffate miti. Odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan durii irra deebi'uun fayyadamuu, xiinsammuu hawaasaa, akkasumas gama faayidaa isaatiin waa'ee afoola sanaa kan agarsiisudha. Kanaafuu qo'annoon fookiloorii waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu nutti agarsiisa.

2.2.1 Haala Himannoo Waldhabdee Araaraa Ittiin Dhaggeefatan

Yeroo nammoonni wal dhaban araaramuuf deeman akkaataa wal dhabdee isaanii irratti hundaa'uun quuqama isaan keessa jiru haala armaan gadiitiin dabareen wal himachiisuun miidhama keessa isaanii madeesse dhaggeeffatu. Yeroo inni tokko himatu inni biroo haala naamusa qabuuniifi seera dubbii eeguun caqasu, gaaffii hin galleef gaafachuu, gorsa kennuufi fudhachuu, nama dubbatu sanaaf yaada eeyyentaa qabaachuufi jecha

mataa ofiitii wanta dubbatan sana irra deebi'uun dubbachuun waldhag'u. (Zartman, 1985:102).

2.2.1.1 Maloota yookiin Tooftaalee Waldhabbiittiin Araarsan

Waldhabbiyykn walitti bu'insa namoonni adeemsa waliin hojjechuu keessatti fedhii isaanii guuttachuuf yknwanti isaan barbaadan guutamuu, yoo guutamuu baate keessa isaaniitti haaloo uumamu walitti baafachuuf yaalan nidha. Waldhabdeen kunis, kan uumamuu dandahu nama dhuunfaafi abbaa qabeenyaa gidduutti, hawwaasaafi hawwaasaa gidduutti, nama dhuunfaafi garee gidduutti, namaafi uumama gidduutti, namoota dhuunfaa lamaafi kkf gidduutti ta'uu mala. Waldhabbiin akkuma miidhaa qabu faayidaa niqaba.

Kunis, wanti tokko akka hojjetamuufi kunuunfamuu qabutti hojjetamee hin kunuunfamne taanaan walitti bu'aniin yaada furmaataa kaa'uun barbaachisaadha (Allwood, J1993:68) dabalataan hayyuun kun tartiiba namoota waldhaban itti araarsan akka armaan gadiitti walduraa duubaan kaa'uun ibseera.

Tartiibonni kunneenis, kan olaantummaa agarsiisuu gadi qabuu, nama balleessaa raawwate irratti murtoo fudhachuu, namoota beekamoo ta'a niin araarsuu, wantoota araara sanaaf barbaachisan gatiisaanii xiqqeessuufi wanta dalagamu sana gatii isaa gadi qabuu jechuun ibseera. Akkasumas tooftaa ittiin waldhadee araarsan haala armaan gadii kanaan kaa'uun ibseera.

Dubbii duraan raawwate duukaa deemuu dhiisuu ykn babal'isuu dhiisuu, waan hunda laaffisuu ykn ija tokkoon ilaaluu, yaadota irra deddeebi'anii waldhabdee uuman hordofuu dhiisuu, kan waldhabe kallattii qabsiisuun araarsuufi yaada rakkoo hiikuu danda'u walitti hidhuudha jechuun lafa kaaheera. Akka hayyuun Friberg(1990) ibsetti immoo yeroo namoota waldhaban araarsan qabxiilee armaan gadii kana sammuutti qabachuun barbaachisaa ta'uu isaa addeessa. Isaanis; namoonni waldhaban akka wal kabajan gochuu, akka isaan of keessatti yaadan gochuu, akka walhin qoodne hubachiisuu, kan miidhame akka inni yaada isaa himatu gochuu, maloota yaada kana furuu dandahan barbaaduu, yeroo eeggatanii dubbachuu, aarii balleessuufi waldhabbiin yeroo uumamutti beellama dheeressuu dhiisuu akka ta'e ibseera.

2.2.1.1.1 Tarsiimoo Waldhabbi Araarsuu

Tarsiimoowwan waldhabbi araarsuuf uumaman akka (Friberg.M, 1990:73) jedhutti aarii of keessaa balleessuufi yeroo eeggachuu, akka hin aarre gorsuufi gorsamuu, dhimma walisaan dhabsiiseirratti xiyyeeffachuu, yaada namaa kabajuufi fudhachuun gara furmaa taatti deemuu, wanta irratti waldhaban irra deddeebi'uu dhiisuu, kan yaada isaanii tokko godhuun amansiisuufi fudhachiisuu, murtoo irra darbuu dhiisuu, jeequmsa tokko malee wal dhaggeeffachuu, kan darbe hirraanfachuufi yaada isaan ijaaree tokko isaan taasisu gidduu isaaniitti uumuu.

2.2.1.1.2 Wantoota Akaakuu Waldhabbi to'achuuf Gargaaran

Gosoonni ykn maloondi waldhabbi to'achuuf gargaaran hedduudha. Hayyuun Allwood (1976) akka ibsetti haala armaan gadiitiin kaaheera. Isaanis osoo waldhabbiin hin uumamiin dura to'achuu, gochaalee waldhabbi uuman balleessuu, ilaalcha hawwaasaa jijjiiruu, gochaalee waldhabbi uuman hunda to'achuufi kan waldhabe araarsuu. Kunis yeroo namni waldhabe nageenya hawwaasa sana gidduutti buusuuf tooftaa godhamudha. Adeemsi kun immoo jiruufi jireenya hawwaasa tokkoo keessatti namoota waldhaban ykn wal lolan araarsuun hunda caalaa barbaachisaa tahuu isaati.

2.2.1.1.3 Maalummaa Araaraa

Araara jechuun kan hawwaasni tokko jireenya isaa guyyaa irraa gara guyyaatti fooyyeffachuuf jecha waldiddaa nama dhuunfaa lama gidduutti, garee hawwaasa tokkoo gidduutti, namaaf uumama gidduuttiifi namaaf waaqa gidduutti ta'uuf fala ykn furmaata laachuun tokkummaa ykn walii galtee uumuu jechuudha. Hawwaasa tokko gidduutti walitti bu'insi karaalee hedduun uumamuu dandaha. Isaanis wal ajjeesuun, daangaa lafaa waljalaa dhiibuu irratti, walitti bu'insa haadha manaafi abbaa manaa, hiriyaafi hiriyaan amaanaa walii diiganiif wal ganuun uumamuu nidandaha.

Egaan hawwaasni tokko waldhabdeewwan karaa hedduu uumaman kanneen hiikuuf dhimma itti bahu kunis maalummaa araaraa gadi fageenyaan ni ibsa. Araarri kunis yeroo adeemsifamu kan hawwaasni itti amanu, kabaju, sodaatuufi safuu isaanii ibsutti fayyadamuun namoota ykn hawwaasa waldhabe ittiin araarsanidha. Karaa biraa manduggoonni namoota wal dhaban araarsan osoo gara sirna araaraatti hin seeniin dura akka rabbiin isaaniif dhagahuuf namoonni waldhaban garaa dhiifamaa walii isaaniif akka

qabaatan rabbiin akka godhuuf tokkummaatti wal tahanii rabbi duratti kufanii duhaa godhachuun eebbifatanii gara araaraatti deemu.(Dirribii Damusee,2009:285) itti daba luun, Beekaan (2015:57) jaarsummaan jaarmiyaa manduggootaan raawwatudha.

Bifa araaraan manguddootaafi jaarsolii ollaatiin kan raawwatamu yootahu dubbii murtii sadarkaa gandaa irratti raawwachuu qabudha.Kunis rakkina maatii,ollaa,abbaa manaafi haadha manaa,fi kkf gidduutti uumamuuf kan hiika duraa kennuuf gargaaruufi ammas gargaaraa jirudha jedha.

2.2.1.1.4 Adeemsi Uummanni Oromoo Sirna araaraatti Dhimma bahu maalfa'ii?

Uummaanni Oromoo nagaa buusuuf ykn namoota wal ajjeesanykn kan walitti bu'an araarsuuf adeemsaafi sirna mataa isaanii qabu. Innis uummanni Oromoo itti amanee ykn kabajee waliif garaa laafuun (quuqama) isaan keessa jiru hammeenya tokko malee akka isaan walitti araaraman kan taasisan seera bulmaata mataa isaanii qabu. Kanas qorattuun hanga tokko keessaa fudhachuun akka armaan gadii kanatti ibsaman kana fudhatteetti.

2.2.1.1.5 Hayyuun Araarsuu

Hayyuun tajaajila ogeeyyii seeraa waan tahuuf wal dhabbii yakkoota adda *addaa,mormiifi kkf kan hiikanidha.Namni seenaa Gujii barreesse Hinnant (1977:1991)* jedhutti “Legal disputes which are difficult to solve are heard before alocal hayyuu who attempts to give a clear state of the laws which apply and to carry out conciliations between involved parties” jedhee kaaha

2.3 Qorannoowwan Hojii kanaan Hariiroo Qaban

Haaluma wal fakkaatuun qorannoowwan kanaan dura namoota gara garaatiin dalagaman kan qorannoo kana waliin firoommii qaban xiinxaluun akka armaan gaditti kaa'amaniiru.

Inni jalqabaa, Maammoo Heebboo (2006) yoo ta'u,innis sirna araaraa wal dhabbii furuu Aanaalee Dodolaa, Hasaasaafi Nansaboo irratti hojjetamedha. Qorannoo isaa keessatti wanti inni irratti xiyyeeffate sababa wal dhabbii, gosoota wal dhabbii, akkasumas waldhabbii muraasa maaliin fixuun akka danda'amu gabaabsee kaa'eera.Qorattuun immoo qorannoo kana keessatti adeemsa sirna raawwii araara harka rigaa itti raawwatamu kan hawwaasa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa haala hayyuuniifi manduggoonni ciccimoon dubbii ittiin fixan hordofuun dhiyeessi teetti.

Qorannoon Maammoo Heebboofi qorattuun gaggeessite tokkummaafi garaagarummaa qabu. Tokkummaan isaanii lamaanuu haalatti rakkoon uumame fala argachuu danda'u irratti xiyyeeffata. Garaa garummaan isaanii garuu maammoon sababa wal dhabbi, gosoota waldhabbi, akkasumas waldhabbiwwan muraasa akkamiin fixuun akka danda'amu gabaabsee kaahe. Qorattuun garuu dhimma nama wal ajjeese adeemsa maalii keessa darbuun akka araarsan qofa irratti xiyyeeffachuun gaggeessite.

Inni lammaffaan Mulugeeta Nagaasaa (1997) yoo tahu, innis qorannoo waa'ee gumaa irratti gaggeesseera. Kunis, haala qabatamaa naannoo sanaatti fiixaan ga'umsi qarshiidhaafi horiin ta'uu ibseera. Irra caalaan gumaa qarshii awwaala nama du'eef, gumaa, firoota nama du'ee hanga abbaa sadii gosaaf kan kaffalamu ta'uu baay'ina kennamu waliin ibseera. Tokkummaan qorannoon kun qorannoo qorattuun raawwate waliin qabu; lamaan isaayyu akkaataa kamiiniifi haala kamiin gumaan baafamuun namoota wal ajjeesan gidduutti araara buusuun danda'amu irratti xiyyeeffatu.

Garaagarummaan isaanii garuu bakka qorataan raawwatetti beenyaan hanga isaa murtaa'e gosa warra jalaa du'eef hamma jilba sadiitti kaffalamu malee araarsuun kan hin danda'amne ta'uufi. Bakka qorattuun gaggeessitetti garuu beenyaa tokko malee nama wal ajjeese walitti araarsuun nagaan buusani waliin jiraachuu isaanii waan agarteeff garaagarummaan isaanii kana fakkaata.

Qorattuunis qorannoo kanaan haala qabatamaa naannoo sanaa dhimma lubbuu baasuurratti itti muramu ykn falli falamu /araarri taasifamu lammata nutti hin deebi'in jechuun hawwaasni hundi kaffaltii tokko malee faajjii baafachuun waliin sooratanii raawwii isaa gochaafi jechaan akka tahe duukaa bu'uun suuraan deeggartee dhiyeessiteetti. Inni sadaffaan; Hanbisaa Tusoo (2006) yoo ta'u akka walii galaatti waldhabbi hiikuun hawwaasa Oromoo keessatti mata duree dha jechuun dimshaashatti walitti qabee kaa'eera.

Qorataan kun xiinxala sirna araaraa, adeemsi waldhabbiwwan adda addaa ittiin furamu hin ibsine. Qorattuun immoo qorannoo kanaan akkaataa adeemsi sirna raawwii araara harka rigaa raawwatamu irratti dhimmoota adda addaa kanneen akka adeemsa sirnichaa, fakkoommii dhimmichaa, haala itti harki rigamufi namoota dhimma sana raawwachiisan tuquun ibsiteetti.

Kun garaagarummaa isaan waliin qabanidha. Tokkummaan qorannoon kun kan qorattuu kanaa waliin qabu garuu lamaanuu nama wal ajjeese araarsuun akkaataatti nagaan buufamu gidduu galeeffatu.

Inni arfaffaan Dajanee Gammachuu (2006), yootahu, innis haala fiixa gumaa Aanaa Walisoo irratti akkaataa naannoo Sanaatiin kan lubbuu namaa, kan qaama miidhamee, dhimma ajjeechaafi hanna beelladootaa irratti murtii jiru fixaniifi adabbii isaa qarshiin kaaheera. Qorattuun immoo qorannoo kanaan sirni araara harka rigaa ajjeechaa tasaa uumame irratti baasii cimaa irraa bilisa tahuun beenyaa tokko malee nagaafi tasgabbiin hatattamaan akkamitti akka raawwatu maal akka fakkaatu hordofuun dhiyeessiteetti.

Garaagarummaan isaanii Dajaneen dhimmoota gumaan baasuu, kan lubbuu namaa ajjeese, kan qaama miidhe, dhimma ajjeechaafi hanna beelladootaa irratti murtii jiru fixaniifi adabbii isaa qarshii waliin kaaheera. Qorattuun garuu namoota wal ajjeesan adeemsa keessa darbuun araarsaniifi kaffaltii malee araara buusanii galuu keesseetti.

Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa

3.1 Mala Qorannichaa

Malawwaan qorannaa kana keessatti mata dureewwan xixiqqoo: Mala qorannichaa, odeef kennitoota qorannichaa, iddattoo, mala iddatteessuu, madda ragaaleefi adeemsa funaansa ragaawwanii, malleen xiinxala ragaawwan qorannichaa, keessatti gargaaramte walduraa duubaan dhiyaateera. Qorannoon kun Xiinxala sirna raawwii Araara Harka rigaa kan hawwaasa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa xiinxaludha. Ragaawwan maddeen adda addaarraa argaman mala xiinxala ragaa akkamtaatti gargaaramuun kan adeemsifamedha.

3.2 ddattoo

Akka namni Flick (2002), fi Yaaloo Indaawaq (2011) jedhaman hiikanitti iddattoon irraawwatamtoota qorannoon irratti adeemsifamu keessaa odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu akka kennaniif kanneen filatamanidha. Kanaaf qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu argachuuf qorattuun mala qorannoo itti yaadee/akkayyoo/purposivesampling fi hamma argee /convenient sampling fayyadamteetti. Isaanis kaayyeffannaafi hamma argee kan ofkeessatti hammatudha.

Kaayyeffatamaa kan jedhaman qorattuun hirmaattota qorannoo isheef ta'an kan filattu kaayyoo qorannoo ishee bu'uureffatteeti. Haaluma qorannoo isheetiin qorattuun Xiinxala Sirna Raawwii Araara Harka rigaa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa jedhu irratti qorannoon ishee waan xiyyeeffatuuf sirna kana immoo kan raawwachiisu nama hunda osoo hintaane hayyootaafi manduggoota biyyaa waan taheef mala kanatti fayyadamteetti. Hamma argee (convenient sampling), immoo, qorattuun qorannoo ishee namoota dhiyeenyatti argamaniifi qorannoo adeemsiisuuf mijaawoo kan tahan irrattidha. Qorannoon kun kan gaggeeffamu Godina Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa gandoota digdama irratti yommuu tahu, baayyinni iddattoo/maduggoonni waliigalaa kan gandoota kanneen keessaa fudhatamani 26 yoo tahani, kan dhimmi qorannoon kun ittiin gaggeeffamuuf itti yaaduun filataman namoota digdama (20) kan tahanidha. Sababni isaa tiis manduggoota irra caalaatti hubannoofi muuxannoo dhimma wal dhabdee ajjeechaa tasaa uumame araarsuu keessatti yeroo dheeraaf hirmaatan keessaa filachuudhaan fayyadamteetti. Kunis jaarsolii gandoota aanichaa keessa jiran hunda osoo hin taane

gandoota hunda keessaa manguddoo tokko tokko fudhachuunqorannoon kun adeemsifame

3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorannoon kun mala qoannoo akkamtaatti fayyadamuun kan qaaceffame yoo ta'u maleenyaan kun dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan jechaan yoomessa bu'uureffatee kan ibsitudha. Kanaafis dura daawwannaa gaggeessuun, itti aansuun af-gaaffiidhaan waan gaafatte galmeessuu, kan galmaa'e immoo haala mijaawaadha jedhamee waan amanameef yoomessa bu'uureffatee jechaan kan ibsamu qorattuu hirmaa chisaa kan deemu waanta'eef haaluma kanaan itti fayyadamuun qorannoon gaggeeffame era. Kanaafuu qorannoon kun mala sakatta'aan ibsuutti (surveystudy) dhimmi itti bahame era. Dastaan (2010) Yalew (2006) wabeeffachuun akka ibsetti 'qorannoo ibsuun haala ibsaan walitti dhufeenya jijjiiramtootaa agarsiisuudhaan tarreessuudhaan dhimma qoratu sana gubbaa ilaalee kan darbu miti jedha''ibsuun kaa'e. Haaluma kanaan maleenyaan akkamtaa mata dureewwan xixiqqoo kanneen akka: daawwannaa, af-gaaffii, marii garee, Meeshaalee, adeemsa funaansa ragaawwaniifi malleen xiinxala ragaawwanii ofjalatti hammatee tartiibaan dhiyaateera.

3.3.1 Daawwannaa

Qorannoo kana karaa guutuu ta'een gaggeessuun bu'aa barbaadame bira ga'uuf ragaan af-gaaffiin funaanamu qofti gahaa miti. Kana waan ta'eef ragaa dabalataa qorannicha cimsuu danda'an funaannachuuf yoomessa sana keessatti uumaman yennaa sirni araara harka rigaa gaggeeffamu daawwannaadhaan sirnicha hordofuun ragaaleen tokko tokko bakka ifa hin taanetti yaadannoo qabachuun dhuma irratti bakka shakkiin wal qabatani jiran namoota biroo gaafatee qulqulleeffachuun qorannoo kana gaggeessiteetti. Qorattuunsirna walldhabdee hiikuuf taasifame jalqabaa kaastee hanga raawwii isaatti guutummaa guutuutti irratti hirmaatteetti. Haaluma kanaan qorattuun manduggummaa/kora gandootaa iddattoof filatama keessaa ganda Dugdaliiban keessatti Waxabajji 28/10/2009 A.L.I.tti walldhabdee dhimma namoota kaloo horiin dheedu irratti as hin dheechiftu nandheechisa waljachuun daarii marga horiin dheedu irratti xiiqii walqabachuun tasa wal ajjeesani.

Tattaaffii manduggoonni aanichaa walitti bu'insa uumame furuufi gumaa baafachuuf jecha lubbuun nama biraa bade rakkoon dabalataa akka hinuumamneef taasisaniin gaafa

Onkoloolessa 28/2/2010 magaalaa Sanbatee ganda Duwwaa torba bakka “Qurquraa guddaa” jedhamutti aadaafi tuma hawwaasni aanichaa qabuun namicha nama ajjeesee mana sirreessaa Kamisee jiru xalayaa bulchiisa aanaa irraa baafachuun dhimma nageenyaa qabatani manna sirreessaa deemanii fiduun sirna araara harka rigaa raawwachuun gosa namni jalaa du’eefi gosa warra nama ajjeessee walitti araarsuun hawwaasa waltaasisanii faajjii itti baafatan hordofteetti. Nama ajjeese gara mana sirreessaatti deebisani. Kanaaf qorattuun haalatti hawwaasni kun jalqabaa hamma dhumaatti keessa darbuun araarsan xiinxaluun ibsiteetti.

3.3.2 Af-gaaffii

Bu’uuruma af-gaaffiin qorattuun gaaffii afaanii odeef-kennitoota gaafattudha. Kunis odeef- kinnitoonnii qorattuun fuulleetti wal arganii odeeffannoo waliif kennanidha. Akka sumas af-gaaffiin meeshaa funaansa ragaati. Meeshaan funaansa ragaa kun odeeffannoo baay’ee murteessaata’e bifa gaaffii banaafi cufaa ta’een qophaa’uun gaafatamudha.

Hayyoonni adda addaa faayidaa mala kanaa kallattii adda addaan ibsu. Punch (1998) barbaachisummaa meeshaa kanaa haala itti aanuun ibseera.” Af-gaaffiin qorannoo akkamta keessatti meeshaa funaansa raga murteessaafi hubannoo namoonni waan tokko irratti qaban baruudhaafis ta’e hubachiisuudhaaf mala cimaadha” jedha.

Gaaffilee banaa kan jedhaman odeeffannoo kennaman osoo itti hin dhiphatiin taphachaa osoo hin nuffiin odeef kennaan waan gaafatame sana bu’uura godhatee hanga beeku muuxannoo ofiifi namoota irraa deebiin inni kennu kan hin daangeffammedha. Gaaffilee cufaan immoo gaaffii deebii tokkoofi tokko barbaadaniif ibsa yaada dhuunfaafi ilaalchaa kan ofkeessaa hin qabnedha. Haaluma walfakkaatuun odeef-kennitoota af-gaaffiif filataman qabatee dabalee keessatti dhiyaataniiru.

3.3.3 Marii Garee

Marii garee bu’uureffatee kan adeemsifamu dhimmoota qoratamu sana irratti raga quubsaa nikennu jedhamanii namoota yaadaman ragaa gahaa akka kennan gochuudha. Haaluma kanaan af-gaaffii qorattuun gaafachaa turte gareen warra dhimma araara harka rigaa keessatti namoota /manduggoota muuxannoo bara hedduu qaban keessaa itti yaaddee filachuudhaani. Garee manduggootaa manguddummaa irratti muuxannoo qabani af-gaaffii dhiyeeffatteef deebii akka kennan gochuun qorannoon kun

adeemsifame.Miseenonni garee manduggoota kanaas baay'inni isaanii digdama.Gumiin hayyoota kanneenis hayyootuma waan tahaniif osoo hin taane hayyoota jiran keessaa ciccimoo waan tahaniif yeroo isaan sirna araaraa raawwatan jalqabaa hamma dhumaatti hordofaa waan tureef jarreen kun warra faajjii harka rigaa dhiyyeessuun warri wal ajjeesan lamaan waliin maaddii tokkotti akka nyaatan taasisanidha.Kanaaf gaafatte.Walumaa galatti guyyoota manduggoonni jalqaba dhimma araaraaf gareen mariyachuu jalqabanii kaasee hanga ximmuraatti waan hordofteef walduraa duubaan fakiin deeggaramuun akka armaan gadiitti dhiaataniiru.



Fakii.2.Marii garee 1ffaa Yeroo manduggoonni jalqabaaf marii garee dhimma araaraa irratti taasisan(Onkoloolessa 6/2/2010 kan qorattuun kaafame).



Fakii.3 Marii garee 2ffaa yeroo maatiin gurbaa nama ajjeesee si'a lammataaf haalatti faajjii baasan mariyatan (**Onkoloolessa 10/2/2010 kan qorattuun kaafame**).

3.4.4 Meeshaalee Waraabbii

Meesshaaleen waraabbii aloola irratti/field work/qorattuun itti gargaaramtee odeeffannoo walitti qabachaa turte, waraabuu suursagalee yoota'u, waraabbii vidiyoo, kaameeraa, af-gaaffiifi bakka sirni araara harka rigaa itti raawwatamu deemtee waraabuun raga qorannoo ishee milkeessee galmaan ga'u danda'u walitti qabachuun qorannoo kanaxiinvaluun ibsiteetti.

3.4 Adeemsa Funaansa Ragaalee

Ragaa kaayyoo qorannoo kanaa milkeessu waitti guuruudhaan hojiin gosni sadiin gaggeeffameera. Inni duraa daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo isaanii irratti hundaa'uun kan xiinxalamedha. Akkasumas, barruulee dhimma kana irratti barreeffaman sakatta'uudha. Gama kanaan immoo mana kitaabaafi toora interneetii irraa yaada hayyootaa sakatta'uudhaan daandii saayinsaawwaa akka qabatu gooteetti. Inni biraa hojii aloolaati. Kunis raawwachuun dura qajeeltoon ilaalaa hirmaachuun kan adeemsifamedha.

3.5 Malleen Xiinxala Ragaalee

Odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaa sadan daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo manduggootaa /hayyootaa/ adeemsa sirna raawwii araara harka rigaa kana beekan irraa deebiin argaman haala armaan gadii kanaan funaanamuun kan xiinxalamedha. Ragaawwan mata durichaan walqabatan guutummaan sirriitti qulqullummaan isaanii calalamee mirkanaa'eera. Ragaawwan haala walfakkeenyaafi garaagarummaa isaaniitiin gosa gosaan qofaa qofaatti galmeeffameera. Ragaawwan argaman kunniinis bifa barreeffamaatiin qindaa'anii kan ibsamanidha.

3.6 Odeef-kennitoota

Odeefkennitoonni qorannoo kanaa adda durummaan maanduggoota Oromoo Kamisee, waajjira Aadaafi turiizimii Aanaa Jiillee Dhummuugaa, hariiroo sirni kun gama seera ammayyaa wajjin qabuufi sirna raawwii araara harka rigaa keessatti hirmaannaa qabaniifi dubbii araara harka rigaa qeequu danda'an kanneen sirnicha irratti argaman kan ofkeessatti hammatedha. Haaluma kanaa hayyoonni argaa dhageettii, waajjira Aadaafi Turiizimii, namoota dhimma sirna araara harka rigaa keessatti hubannoofi beekumsa qaban hundi isaanii odeef-kennitoota qorannichaatti dabalamuun hirmaachifamaniiru.

Xiinxala odeeffannoo qorannoo kanaa keessatti mala qulqulleeffachuutu hojii irra oole. Sababni isaas qorannichi Xiinxala sirna raawwii araara harka rigaa irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoon kun qorannoo bu'aa qabeessataha. Kanaafuu odeeffannoowwan daawwannaan, af-gaaffiifi marii gareen funaanaman hundi jechaan ibsamaniiru.

3.7 Naamusa Ogummaa

Qorannoon yeroo gaggeeffamu adeemsaafi naamusa mataasaa qaba. Namni qorannoo gaggeessus of eeggannoo gochuun dhimma qoratu sana seeraan adeemsisuutu irra jira. Kunis hawwaasa sanaan wal fakkaatanii akka isaaniitti yaaduufi raawwachuun safuu hawwaasichaa eegaa itti deemuudha.

Qorattuunis hawwaasa kana wajjin turtee dursa waan gochuu qabuufi dhimma lagatamuu qabu akka himaniif gaafatte. Sanaa booda sirnicha irratti argamuun hawaasaaf amanamtee jirti. Bakka itti walii galtetti immoo suura kaasuun suurichi maaliif akka oolu dursitee itti himuudhaan fedhii qabaachuu isaanii erga gaafattee eeyyamsiistee booda fudhachuun hojii qorannoo kanaaf oolchiteetti.

Boqonnaa Afur: Xiinxala Ragaalee

4.1 Adeemsa Sirna Araara Harka Rigaa

Boqonnaa kana keessatti wantoonni xiinxalamuun kaa'aman ibsa ragaalee qorannoon arga maniiti. Sabni Oromoo jiruufi jireenya isaa hawwaasummaan gaggeeffata. Adeemsa waliin jireenyaa keessatti sirnoonni salphaadhaa hanga cimaatti qaama adda addaa keessatti taasifamu hedduudha. Sirna raawwii Araara Harka rigaa jechuun akka odeeff-kennitoonni qorattuutti himanitti yoo waan hamaan namatti dhufe/hawwaasicha keessatti mul'ate akka lammata deebi'ee namatti ykn hawwaasichatti hin dhufneef mala ittiin falatan jechuudha. Karaa biraan immoo waan hamaan sun lammata akka deebi'ee hin uumamne abaarudha jedhu. Harki riganis kan nama nama ajjeeseeti.

Araari kunis badii dalagame xinnaadhaa hanga guddaatti xiinxaluun araara gosa adda addaatu haala tuma Oromoo aanichaan, walta'insa manduggoota hawwaasichaa hundaan bara 1986 abbagaar/manduggoo sirnicha raawwachiisan obbo Aliyyii Diimaatiin fooyyef famee murtaa'een nagaan akka bu'u taasifama. Yoo yakki uumame immoo kanneen ammaan duraarraa adda ta'ee mul'ate akka lammata hin mul'anneef madda isaa gokuun sirna araara harka rigaatiin furama.

Sirni kun sirna Oromoo Kamisee biratti yoo Oromoon kamisee wal ajjeese yookaan Oromoon kamisee tasa Oromoo bakka biraatii dhufe ajjeese sooddo (dafanii) sirna araara harka rigaatiin to'atamee haaluma armaan olitti tuqamuuf yaalameen hundeen waldhabdee sanaa akka citu taasifama. Kun ta'uu baannaan akaataa armaan olitti ibsametti lubbuun abi ba'uu danda'a. Karaa rabbiitiinis lubbuu baasuun xurii dhiifama hin qabne waanta'eef gosa keessatti hamma jilbatoorbaatti naafti, duudaan, jaamaan, lamxaa'aan, qaamaan miidhamaan, ciccitaan, kan dhalate guddachuu dhabuufi dhala dhabuu fiduu danda'a (Sheh Ahimed Dingoo Onkoloolessa 4/2/2010)

Namoonni tokko tokko "gumaa" jedhu. Oromoon Kamisee guru malatti waan dabee nutti dhufeef "fala" kenninudha jedhu. Oromoon Kamisee waan hedduu falata. Kanneen keessaa muraasni yoo namni akkatasaa walajjeese, dhukkubni daawwaa hinqabne akkatasaa biyya buufachuun loonfixe, yoo roobni yeroo barbaadame roobuu baate, yoo dubartii irraa yeroo lamaa ol ulfi bahe, yoo mandiiso bu'uun nama ajjeesefi kkf hunda

kamiseen sirna isaa eguun harka rigata/falata.Nama akka tasaa wal ajjeese gaafa walitti araarsan eessuman namicha nama ajjeese horii qalmaaf dhiyaate waliif qabani inni hangafni halaal godha.Bifti horii qalamuu buburreedha.Gosti horii qalamuu sa'as, re'ees, hoolaas ta'uu danda'a.Sababiin eessumman qofti horii qalmaaf dhiyaate kana halaal godhaniifis akka qorattuun odeef-kennitoota irraa odeeffannoo argattetti namoota namni jalaa du'e sanaafis ta'e gosa gurbaa ajjeeseefuu akka alagaatti waan beekamaniif gama lachuufuu ija dhiigaan hin ilaalamani.Kanaaf dheessuun isaan irraa hin eegamu.Duuti nama keessanii nuunis gaddi siiseera kanaaf isin gidduutti argamne jechuudha.Gaddi keessan gadda keenya jechuun araara gaafachuu bakka waan bu'uufi jedhu.

Baay'inni horii sirna kana irratti qalamuus lamadha.Sirna qorattuun irratti hirmaachuudhaan odeeffannoo qorannoo isheeguurratte irratti kan qalames Re'oota maseena lama bifti isaaniis buburreedha.Re'oonni lama qofti kan qalaman walddhabbiin kan uumame namoota lama gidduutti waan ta'eef edda halaal godhee booda namichi halaal godhe gidduu dhaabbata. Bifti re'ootaa buburree ta'uun immoo walddhabbiin kan uumame yaadni namootaa gargarta'uurraa akka ta'e ibsa.Bifti isaanii gargar yoota'eyyu dhiigni re'oota keessaa dhangala'u immoo bifti isaa tokko waanta'eef,kun immoo yaada keenya gargar ta'ee nugidduutti lubbuu balleesse akkuma horii bifa garaagaraa keessaa dhiiga bifa tokkoo baafte yaarabbii yaada keenya tokko godhi araara nugidduutti buusi jedhanii rabbiin kadhachuubakka bu'ajedhu.

Horiin qalamu maseena ta'uun immoo hiddi walddhabbiin nugidduutti uumamee haa maseenu jedhanii abaaruu bakka bu'a. Yoo roobni arfaasaa roobuu dide immoo biyyi walitti bahee hoolaa gurraacha malkaa buusani qaluun achumatti waaqa kadhatanii nyaatanii yaa rabbi nun balleessiin jedhanii araara kadhatanii falatu.Bifti hoolaa gurraacha ta'uun duumessa bakka bu'a.

Walddhabbiwwan addunyaa kana irraatti ta'an keessaa walajjeechaan isa baay'ee ulfaataafi hiikuudhaaf illee rakkisaa ta'edha.Akka aadaa hawwaasa Oromoo kamisee aanaa jiillee dhummuugaatti kan walddhabu nama lama jedhu.Namni sadaffaan kan harka rigsiiisu/falachiisudha.Kanaaf harka rigaa jechuun lubbuu akka tasaa walddhabdee namoota lamaa gidduutti bade haalatti namni ajjeechaa raawwate sun lubbuu balleesse sanatti gaabbee gosa nama du'ee dhiifama,Rabbiin ammo araara kadhachuun falatu jechuudha.

Dabalataanis Kamiseetti namni sadaffaan kun nama waldhabe gidduu seenuun kan araarsudha. Itti aansuun namni sadaffaan /manduggoon araarsuuf gidduu seenu kun namoota walmiidhan lamaan irraa dabareen yaada isaanii dhaggeeffachuun gidduu isaaniitti araara buusuuf dubbii jajjabduu dhimma sana furuu danda’u dubbata. Akka aadaa hawwaasa Oromoo Kamiseetti Araarri ‘nageenya’ amantaa jedhu qabu. Kanaaf Kamiseen nagahaan ooltanii bultanii; nuyi nagaha galata rabbi guddaa jechuun hamaa achi nurraa haaqabu mishaa jirra jedhanii nagaa walgaafachuun isaanii nageenyatti gammanna yaada jedhu of keessaa qaba.

Kanaafuu jiruufi jireenyi hawwaasummaa saba Oromoo biratti qaama waldhabe tokko araarsanii jireenya hawwaasummaa isaanii cimsatanii akka jiraataniif araarri sadarkaa adda addaa nigaggeeffama. Kunis waldhabbii jara waldhaban gidduutti uumame gidduu galeeffachuun dhugaa/haqa jiru ka’umsa godhachuun jaarsolii dhimma kana irratti muuxannoo qabaniifi manguddoonni argaa dhageettii qorattittiif akka ibsanitti dubbiin tokko dhugaafi kijiba dhokatee jiru kana akka aadaa hawwaasichaatti qoratee sakatta’uun qulqulleefata.

Kun ammoo kan ta’uu danda’u manguddoonni dubbicha bitaafi mirgaan erga gadi fageenyaan xiinxalanii booda qaama badii dalage irratti akka aadaan hawwaasichaa eeyyamutti murtii fudhatu. Haalli kun yeroo namoonni lama wal lolan salphinaafi cimina lola isaanii ilaaluun kan raawwatamudha. Lolichi yoo hammaataa dhufe immoo gara lubbuu balleessuutti deema. Hawwaasni Oromoo Kamisee akkuma aadaa sirna raawwii araara harka rigaa ittiin falatu qaba. Innis haala adeemsa sirna raawwii araara harka rigaa keessatti hojii hamaatiin nurraa fagaadhu, maseeni jechuun abaarani akka lammata itti hin deebineef adeemsa hamtuu ittiin abaaruu qaba. Adeemsi kunis haala armaan gadiitiin hordofamuun tartiibaan dhiyaateera.

4.1.1 Adeemsa Ittiin Yakka Dalagame Qoratan

Akkuma hawwaasa Oromoo godinaalee biroo hawwaasni Oromoo Kamisee aadaa jaallatamaafi boonsaa ta’e kan mataa ofii qaba. Aadaawwan hedduu hawwaasni kun qabu keessaa tokko sirna araaraati. Sirni araaraa kun kan namatti toluufi kabaja qabu ta’ee salphinaafi cimina yakka dalagame akkaataatti raawwatu qaba. Innis bakka adda addaatti

haala adda addaatiin raawwatamuun nagaan naannoo isaa keessatti fiduuf dubbii kamiyyu manduggummaan /jaarsummaan gaaddisa jala taa'ee ilaala.

Manduggummaafis bakka guddaa qaba. Namoonni manduggummaa gaggeessan akka Oromoo Kamiseetti jaarsa raage, jaarsa garaa harrii jechuun nama umuriin xiqqoo yaadaan bilchaataa, beektota biyyaafi namoota ciccimoofa'i. Hawwaasni Oromoo Kamisee manduggoota oliif gadi fiiguun nagaan boora'e bakkatti deebisaniif yeroo isaan rakkoo hiikuuf qe'ee isaanii dhiisanii deeman dalagaa isaaniiif barbaachisu raawwachu uniifi deeggarsa barbaachisu daa'imman isaaniiif gochuun tumsa taasisuufi. Dabalataanis manguddoota namoota wal ajjeesan araarsuuf qe'ee isaanii dhiisanii nagaan biyyaa eegsisuuf oliifi gadi fiiganiif bakka isaan gahanii boqotanitti waan isaaniiif barbaachisu hunda gochuun bira dhaabbatu.

Deeggarsi isaan taasisaniifiis, wanta isaan nyaataniifi dhugan, bakka ciisichaafi waan isaaniiif barbaachisu hunda guutuun gahee isaan irraa eegamu ni bahatu. Kana gochuun hawwaasaa immoo nageenya naannoo isaanii mirkaneessuu keessatti qooda isaan irraa eegamu bahachuun gahee hawwaasni nageenya eegsisuuf qabu agarsiisuudha. Kun ammoo ta'uu kan dandaheef duruma seera bulmaataa uummanni sun baafatee itti jiraatu keessatti hawwaasni waliif galee itti waan amaneef walitti lallabuun dhaamsa waliif dabarsanii yeroo barbaachisutti hojiirra oolchu. Akkasumas walitti bu'insi tokko yeroo uumamu jaarsoliin lubbuu namootaafi qabeenyaa irratti akka dhiibbaa hin geessisneef sooddoo bakka sanatti argamuun guyyaa jaarsummaa beellamatu. Akkuma sadarkaa salphinaafi cimina yakkichaatti sadarkaa adeemsa rakkoo furuu keessatti sirnoonni adda addaa nigaggeeffamu. Mee haaluma qorattuun qorannoo ishee keessatti irratti xiyyeeffatteen haala raawwannaa sirna araara harka rigaa kan hawwaasa Oromoo Kamisee aanaa Jiillee Dhummuugaa keessatti raawwatame haala armaan gadiitiin tartiiban raawwii isaa suuraan dabaalamuun dhiyaateera.

4.1.2 Adeemsa Himannaa Araara Harka Rigaa

Oromoo Kamisee biratti wal ajjeesuun dhorkaadha. Yoo namni tokko guyyaan geenyaan du'e illee foora fudhate jedhu malee du'e jecha jedhu akka jecha safuutti lagatu ykn du'e jechi jedhu jecha fokkuudha jedhu. Yoo akka tasaa uumame immoo kun farra gosa kanatti dhufedha. Waan hamaa gosa kana mudate immoo nibalaaleffata. Balaaleffannaa isaanii

kanas araara harka rigaa raawwachuun akka inni lammata deebi'ee hin uumamneef gobbuu fuulduratti raawwata. Haalli raawwii kanaa adeemsa araaraatiin harka rigaa jedhama. Akka hawwasa Oromoo kamiseetti beekaasta'e akka tasaa nama ajjeesuun dhorkaadha. Kana Oromoon Oromoo ajjeesu ulee ulee nyaatu jedhu.

Yoo akka tasaa raawwate garuu kamiseen faajjii baafachuun araara harka rigaa raawwata. Kana jechuun kun waan badaadha, lamuu nutti hin deebi'iin jedhanii himannaa nama nama ajjeese akka armaan gadiitiin dhaggeeffatee hubachuun gara araara harka rigaatti deemu. Namni nama ajjeese sun dafee gara abbagaar dhaquun badii dalage himee itti harka kennata.

Akkuma seera ammayyaatti dursanii harka kennatu jechuudha. Adeemsi kun ammo gama seeraatiin illee adabbii hir'saafii jedhu. Warri seeraa seera yakkaa hariiroo hawwaasummaa bara 1996 bahetti keewwata 82(1) jalatti akka mala biraatiin /Alterate Disput Resolution/ chaartii araaraa kanaan akka xumuraniif seerri ni deeggara. Akka aadaa hawwaasa Oromoo Kamiseetti nama gaabbeef dafanii garaa laafuun ni araaramna jedhanii amanamu. Jaarsoliinis akkuma aadaa hawwaasichaatiinosoo lubbuun abiifi qabeenya irratti miidhaan hin gahiin dubbii jiru hunda nama ajjeechaa kana raawwate irraa fuudhu. Innis akkas jechuun himata. "Ani bade, aniifi inni obboleeyyani nan ajjeese nabaasaa, badii akkanaa dalage furmaata naaf kennaa" jedhee iyyannoo isaa abba gaaritti dhiyeeffata. Akkas jetti mammaaksi Oromoo "Oromoon nifalata malee hinfalfalatu" jedhanii mammaakuun haaluma aadaa keenyaan ni araarfanna jedhanii itti himu.

Manduggooni/abba gaar eefa himta kana dhaggeeffatanii booda gara mana namicha nama ajjeese dhaqanii mala dhahachuun itti himanii akka inni dhiyaatuuf waamicha godhuuf. Gosni nama kanaas haalatti deeman abbagaar/manduggoo waliin ta'uun mijeeffatu. Gaafa bira deeman yoo namni araara gaafatan sun dhiyaachuu didan manguddoonni akka gosni sun wal amansiisaniif kallattii kennu. Itti aansuun manduggooni biraa deemuun haala jiru hunda akkas jechuun itti himu; nan balleesse, nan dogoggore, dhiiga obboleessa kiyyaatu barruu kiyyarra jira, lammii kiyyan balleesse, obboleewwan kiyyaafi qabeenyi saba tiyyaa kam biraan osoo narraa hin badiin sooddoo naqaqqabaa jedhee harka nutti kennatee kanaaf dhiiga akka tasaa isin gidduutti

uumame kana dhugaan haabaatuutii na araarsaa jedhee gaabbiisaa ibsateera; kanaaf “Namni dhugaa argate nama foonaa loonii argate” jechuun mammaaku.

Kana jechuun dhugaan ifa, kan nama boonsu, kan nama gargaaru, foonaa jechuun qe’ee jireenyaafi abbaaloon dhibbaa jiruufi jireenyi keessatti kuufame jechuudha. Akka sumas dhugaan bilisa nama baasa, cubbuu nama irraa dhiqa jechuun akkaataa ulfaatinaafi salphina dhmmichaatti rakkoo uumame qorachuun haala aadaatiin murtii haqa qabeessa kennu. Amantii hawwaasni abbagaar irraa qabu haala armaan gadiin waan mirkanaa’eef itti amanee fudhata. Abbagaar irra rabbitu ayyaana keenyaan dhugaa faana bu’ee jiraata jedhu. Kanaaf nama namni jalaa du’e hirmii baafachiisu. Namni erga hirmii baafatee kakuu galee dhugaa dubbata malee dhara hindubbatu. Yeroo hirmii baafachisan akkas jechuun waadaa seensu.

“Dhugaa afaan sikaathe
Kijiba afaanii si fuudhe
Badii hin yaadiin
Qorii mooqaan hin kijibiin
Danfa hiriyaan hin ganiin
Namayyoo warraan hin qoriin
Dhugaa waaqaafi lafaa qoradhu

Yoo dabaa goote uumama rabbi irraa dabi” gaaleewwan kanneen dhugaa afaan sikaathe jechuun harraan tanaa jalqadee ati nama biroo taateetta; yoo kanaan dura kijibdee jiraattelleen ammaan booda dhiisuutu sirra jiraata; karaa dabaa lammata hin deemiin, hinloogiin dhugaa qofa dubbadhu jedhuudha. Qorii mooqaan hin qoriin nyaatakee kabaji; Danfa hiriyaan hinganiin jechuun haqa hiriyyaakee utuu argituu hin jallisiin, Namayyoo warraa hinqoriin jechuun firri firaaf garaa laafee dhugaa jallisuu waan danda’uuf sirriitti hubadhu jecchuudha. Dhugaa waaqaafi lafaa qori jechuun dhugaan kan waaqaafi lafaati waaqaafi lafa sodaadhu yoo kana gochuu baatte daba gorte dabi jechuun waadaa galchu. Namni kunis amanamaa ta’uun hojii irra oolcha.

4.1.3 Haala Adeemsa Manduggoonni /Abbagaar Araara Itti buusan

Manduggoonni gara maatii namni irraa miidhamee bishaaniifi uleeqajeelaa qabatani dhaquun akk armaangadiitti jalqabu

Dalagaa raawwataa

Seera Oromootu sitti na ergeera

Namatu du'eera

Namatu gaabbeera

Namatu badeera

Hulaatu cufameera

Qomni hollateera

Hirmaataa jecha dhumaa dubbisu

ergeera

du'eera

gaabbeera

badeera

cufameera

Hollateera

Jedhanii bira taa'uun kadhatu. Yeroo kana warri namni jalaa du'e baay'ee waan aaraniif ni callisu. Warri araara kadhaa dhaqan sun deebiis hingaafatan deebi'anii bakka irraa dhufanitti galu. Ammas yeroo lammaffaatiif torban lamaa booda deebi'anii dhaquun akka armaan gadiitti kadhatu.

Dalagaa Raawwataa

Abbaa dhugaa, heey abbaa dhugaa heey

Namatu sitti na ergate, namatu namake yakke,

Hirmaataa

si waamee naaf owwaadhu

yakke

Namni namakee miidhe Abbagaar ergateera cubbuun hojjedhe irraa qulqullaa'uun barbaada harkana rigi jedhee jira qabamiif jedhu. Irra deddeebi'uun miillaan dhaabbatanii kadhatu. Sababiin dhaabbataniifis hamma araaramuuf eeyyamamootahanitti bakki hin kennamuuf waantaheefi. Kun ammo kan mul'isu lubbuu baheef gadda guddaafi maatii sanaaf kabaja qabaachuu agarsiisa.

Gaabbineerra Jiilleedha jiilleen wal hin ajjeesu amma immoo lubbuun nuharkatti badeera, yeroo kana immoo namni lubbuu baase kun seera oromummaa Jiillee keessaa baheera, waan badaa jiilleen balaalleffatu sababa raawwateef amma immoo gaabbeera aadaa qabna akkuma seera bulmaata keenyaatti nuuf qabami jechuun naaf araarami ani badee Oromummaa keessaa nan baasiinjedha. Itti aansuun yeroo sadaffaatiif manduggoonni mammaaksa akkas jedhuun cimsu obboleewwan keenya nuti Oromoodha nuuf qabamaa

nadaamne”Asuujiirti achuujiirti du’aan garana waajirti” jechuun mammaaku.Kan a jechuun ajjeechaan tasaa har’a nurratti mul’ate boor isiniin illee mudachuu danda’a jechuudha.Isaanis gadda garaasaanii fixatanii dhiisuuf firoonni walitti dhaamanii wal gahuun maalgoona jedhanii wal mariyatani yada garaa isaanii hiru.



Fakii 4 Yeroo manduggoonni sadaffaaf warra jalaa du’etti deebi’ani (Onkoloolessa 16/2/2010 kan qorattuun kaafame).

Aboo araaramna, namni kun nama akkamiitu nama kiyya ajjeesee?

Namni nama tiyya yakkee kun waan akkamiin nama tiyya yakkee? Jedhanii kijibaan abba gaar gaaffii gaafatu.Nuyi kan siin jennu Jiilleetu nama kee yakkee, inni jiilleedha jiillummaatti nadeebisi jedhee, Abbagaar ergateera. Araaramiif jedhu.Jiilleetu namakee yakkee jechuun akkuma fakii armaan olii irratti mul’atu mukti jala taa’an kun lafaa yoo biqilu hundeen tokko dameen isaa lama, kun ammoo ilmaan Jiillee lamatu wal dhabee badii dalage /walajjeese/. Silaa Oromoon Oromoo hin ajjeesu kun waan hamtuudha; hamtuu Oromoon nifalata jechuudha.Ta’ullee yaada keessan nuuf deebisaa jechuun kadhatu.Nuuf dhiisaa jechuudha.Isaanis waan mariyataniif akkas jechuun deebii kennu.

Hayya anillee nan araarama ta’us naman qaba firan mariyadha narraa taa’i jedha.Kana jechuun kun waan ulfaataadha waan ulfaataa immoo hawwan, manduggoota biyyaafi gosa tiyyaan mariyadheen deebii siif kenna narraa dhaabbadhu jechuun yaada araaramuuf garaa hiru kennuuf. Itti aansuun abbagaar araara fageessuun /tursuun gaarimiti waanta’eef hundi keenya dirqama Oromoon Jiillee nutti kenne haabaanu; yoosan waldhabdee hiiknee araara buusna.Maaliif yoo jenne gumaa baafachuuf jecha lubbuun

biraa baduu danda'a, karri manca'uu danda'a waan ta'eef yeroon itti hin kennamu jedhee manguddoota dhimma kana raawwachiisaniif dhaamsa dabarsa.

Itti fufuun yeroo sadii deddeebi'uun yakka keenya beekneerra gaabbineerra jedhaniiru waanta'eef "Balleessaa biraa" akka hin raawwatamneef jedhee altakkaatti tole jedhee yaada hinkennu. Nutis hayya namni nama keenya dhiiga isaa barbaadu gosa keenya hunda waanta'eef ni mariyanna jechuun maalirra akka jiran ni himu. Galuu isaanii akkas jechuun ibsatu gosti nama ajjeefamee mariyataniiru yeroo sadii deddeebanii kadhachuu isaanii ilaalcha keessa galchuun maal goona erga manduggoon biyyaa nukadhatee" tole; qabamneerra; dhaabbanneerra. Isinis akka aadaa biyyaatti waan jettan jedhaa" jechuun deebiikennu. Kana jechuun nutis biyyuma waliin jiraanna nu araarsaa jechuudha.



Fakii 5 Yeroo manguddoonni mana warra jalaa du'etii deebi'an (Onkoloolessa 22/2/2010 kan qorattuun kaafame).

Dalagaa raawwataa

Aboo galle

Hirmaataa (Abbagaar)

Maaliin galteree?

Waan gallen, ergaa araara dhaqe beeyta namatu dhiiga dhangalaasee lubbuu namaa balleessee araara ergatee jira naharka jira naaqabami jedheeran jedheen. Abbagaar haala kanaan gaaffii gaafachuunsaa namni ergame sun hagam akka ergaa sana qaqqabsiise ilaaluudhaafi. Sababiin gaafatamuufis seera bulmaata Oromoo Jiilleetiin qoratani qulqulleessuun dirqama waanta'eefi Achumaan manduggoonni dhufan gara abbagaar isa isaan ergeetti deebi'u. Manduggoon deemanii galan.



Fakii 6 Yeroo manguddoonni sirna kana raawwachiisan walga'uun guyyaa harka rigaa murteeffatan (Onkoloolessa 23/2/2010 kan qorattuun kaafame).

Manduggoonni walitti deebitee Yaada waljijjiiruun haalatti dubbii furan lafa kaa'atu. Bakkitti harka rigaa gaggeessan bakka mana jireenyaa namicha ajjeeffameerraa kiilomeetira sadii fagaachuun muka gaaddisa qabu qurquraa guddaa kan maagaalaa sanbatee bakka mana barumsaa sadarkaa 1ffaa dudduubatti argamu jalatti gaggeessuuf qabatani. Sababni isaas qe'ee namicha du'ee sanarraa fagaatanii gaaddisa jalatti raawwachuun ergaa dhiiga dhangalaasuu nurraa fageessi dhangala,uu dhiigaan lubbuu nuharkatti badee lubbuu keenya gubuuf jedhu nutti qabbaneessi jedhu qaba.

Dabalataanis manduggoonni deddeebi'anii araara qabani deeman waan dhimma sanaaf barbaachisu hunda guutuun bakka harka rigaan raawwatamu sanatti subii irraa eegalanii haga galma loonii gidduutti yeroo barbaadanitti namicha nama ajjeese sana qabatanii re'oota qalmaa eessumman isaa waliin harka isaa ajjeechaan duuba gale qajeelchuuf deemu. Innis eessumman isaa duuba deema. Maaliif subii irraa jalqabee ta'e kan jedhuuf yeroon harka rigaa ifa ganamaa hanga loon fonaatti deebi'anitti ifaan ta'uu baannaan hin ta'u yaada jedhu qaba. Kanaaf waanti raawwatamu ifaan fuula rabbiitti ta'uu qaba jechuudha.

Waan isaan re'oota lama kan bifa lama qaban fudhatanii dhaqaniif ammoo, waldhabdeen kan uumame nama lama gidduutti yaadni isaanii gargar ta'uu irraa ka'uun ta'uusaa waan

bakka bu'uuf dhiigni re'oota kana keessaa bahu immoo bifa tokko qabatee waan mul'atuuf garaagarummaan yaadaa nugidduutti uumamee lubbuu nama keenyaa balleesse gartokkotti nuuf deebi'e (nugidduutii bahe araaramne) ergaa jedhu qaba jedhu.

Cubbamaadha kanaaf fuula namaa dura kan deemu nama badii dalage osoo hintaane nama harkisaa dhiiga hinqanedha. Kan geessus re'oota faajjiif dhiyaatan qalus eessumman gurbaa nama ajjeeseeti. Eessumman fidanii dhufuuniifi qaluun namayyoo (fira) namicha nama ajjeese keessaa kan karaa haadhaa hunda bakka bu'uun jara namni jalaa du'e araarfachuu agarsiisa. Dabalataanis gosti namicha nama ajjeese duraanuu araara dhaabbachaa waan turaaniif carraan qalanii dhiyeessuu eessumaniif kennama jechuudha. Akkasumas soddaa warra ajjeese waan tahaniif soddaan illeen gadda isaanitti dhaga'ame ibsuufidha.



Fakii 7 Yeroo re'oota qabani dhufan qaluun dhiiga namicha du'ee deebisan.
(Onkoloolessa 28/2/2010 kan qorattuun kaafame).

Foon re'oota qalamani keessaa lafee cinaachaa tokko tokko baasani abbaan namicha nama ajjeese maakkee xiqqoodhaan harka bitaan qabatee caccabsee daakuu godhee balleessa. Kun ammoo nuyi cinaacha waliiti, nuti ilmaan abbaa tokkooti yaa rabbi dubbii badaa uumame obboleessa keenya tokko nugidduudhaa balleesse caccabsii daakuu godhi nu gidduutti lammata deebi'ee hinmul'atiin hundeen dubbii caccabii daakami jechuun

haree boollatti naqa.Lafee caccabe haranii boollatti naquun kun ammo hiddi dubbii lubbuu namaa balleessu nugidduudhaa haa owwaalamu jechuudha.



Fakii 8 Yeroo Abbaan gurbaa nama ajjeesee lafee cinaachaa caccabsuun Balleessu (Onkoloolessa 28/2/2010 kan qorattuutiin kenname).

Foon re'oota qalamanii erga lafeen cinaachaa tokko keessaa fuudhamee booda namayyoon namicha nama ajjeesee haaduu quba miillaan qabatanii kukkutuun nyaata araaraaf qopheessu.Itti aansuun foon kukkutame kun dubartoota lama haadha gurbaa ajjeeseefi jaartii abbeeraasaa qofaan ittoon isaa tolfamuun ruuza affeelanii faajjiif (gosa lamaan waldhaban) niif qopheessan



Fakii 9 Yeroo foon qalame uummata araaraaf dhiyaateef qopheessan(Onkoloolessa 28/2/2010 kan qorattuutiin kaafame).

Sirni haasawaa(araaraa) Oromoon Jiillee itti wal himatu,akkasumas manduggoonni adeemsa araaraa ilaalanis jechootaafi dhaamsa isaanii tartiibaan kan qaama waldhabe ittiin araarsan sirna haasawaa bifa adda addaa qaba.Kunis gosni waldhabe lamaan kan dubbatuufi jaarsoliin yeroo araarsuuf jedhanitti,akkasumas yeroo araarri raawwatamu haasawni taasifamutu jira. Odeeffannoon daawwannaafi af-gaaffiidhaan argame akka ibsutti namni jalaa du'e dursee akka himatu carraan kennamaaf. Erga inni himatee geessisee; carraan himannaa gosa ajjeeseef kennama. Edda himannaan gama lachuu dhagahamee booda gara sirna harka rigaatti darbama.

Harka rigaanis gurbaan ajjeese namoota fira isaa amanamoo ta'an lama waliin dhokfamee dhufuu dhaan akka isaan warra jalaa du'e wajjin wal hin arginetti golgaan bifaan burree ta'e gidduutti fanni famuun akka suuraa irratti mul'a tutti namoota waliin dhufeen bitaafi mirgaan fuulli isaa dhokfamee bakka harka rigaa sanatti namoota isa waliin dhufan dursee barruu harka isaa gombisuun isaan lamaan ammoo harka lamman saanii ol garagachanii akka wal hin agarretti gadi taa'anii sirna harka rigaa raawwatan. Dabalataan suuraa namichaafi kan isa fidanii kaasuu dhabuun naamusa qorannichaa keessatti dhorkaa waanta'eefi.



Fakii10 Yeroo sirni harka rigaa raawwatu (Onkoloolessa 28/2/2010 kan qorattuutiin kaafame).

Itti aansuun gosti ajjeeseefi warri jalaa ajjeefame galma keessatti walitti makamuun warri gurbaan jalaa du'e diriirfatani taa'uun gosti ajjeese immoo ka'anii dhaabbachuun dabareen irra naanna'anii harka fuudhuun rabbi isin duuba haa kaa'u (isin haa hirraanfachiisu) jedhanii dhiifama gaafatan; manduggoonni sirna kana raawwachiisan gamaa gamana dhaabbachuun hordofantu ta'a. Inni kun kan inni mul'isu isin balleessaa hin qabdan kanaaf taa'aa kabajamaa gurbaa isin duraa du'e rabbi isin haa hirraanfachiisu kan jedhudha. Akkasumas warri balleessaa hin qabne niitaa'a; kan badii dalage dhaabatee balleessaasaaf dhiifama gaafata jechuudha.



Fakii 11. Yeroo gosni warra ajjeese warra jalaa du'e harka fuudhan(Onkooloolessa 28/2/2010 kan qorattuun kaafame).

Erga sirni kun raawwatee itti fufee nyaata faajjii baafachuuf qophaa'e warri ajjeeseef warri jalaa du'e maaddii tokkotti dhiyaachuun waliin nyaatu. Kun ammo kan inni bakka bu'u nii walldhabne (walitti buune) malee nuti tokko kanaan booda waliif dhiifnee araaramneerra waan ta'eef gara fuulduraa tokkotti deebineerra, walirraa fuunee walitti heerumuu dandeenya jechuudha.



Fakii.12 Erga araaramanii booda maaddii tokkotti dhiyaachuun waliin nyaatan (Onkoloolessa 28/2/2010 kan hojjetaa waajjira nageenyaa Obbo Umar Abdallaatiin kaafame).

4.1.4 Eebba

Adeemsa sirna araara Oromoo Jiillee keessatti eebbi sirnicha sanaaf taasifamu yeroo adda addaatti kan raawwatamudha. Innis eebba sanaan walqabatu ta'ee jila duraaafi booda kan eebbifamu jechuudha. Inni duraa araaratti seenuuf kan eebbifamu yoo ta'u; inni lammaffaa immoo erga araarri raawwatee waliin nyaatanii dhuganii achumatti jila booda kan eebbi famu jechuudha. Innis akka armaan gadiitti dhiyaateera (Af-gaaffii obbo Mahaamad Arbiyyee Fardee Sadaasa 26/20010)

4.1.5 Eebba Jila Duraa

Sirna araaraa aadaa hawwaasa Oromoo Jiillee keessatti jilli bakka guddaa waan qabuuf ni qophaa'a. Akka aadaa hawwaasa kanaatti sirni jilaa hiikkaa guddaa qaba. Innis, hawwaasni tokko waan irratti fala barbaadaniifi kan waldhabe araarsuuf eebba eebbisuun namoonni waldhaban kun akka isaan walitti garaa hin jabaanneef (garaa laafuun) akka isaan araaramaniifi amantaa jedhu qabu. Keessumaa araara keessatti eebbi dubbii rabbiiti jedhanii waan amananiif humna cimaa akka inni qabutti amantaa guutuu irraa waan qabaniif gaafuma namoota sana araarsuuf faajjiin qophaa'ee walgahan sirna sana eebbaan jalqabu. Inni kun immoo eebba jila duraa jedhama. Haaluma kanaan eebbi jila duraafi boodaa akka armaan armaan gadiitti walduraa duubaan Abba gaariin gaggeeffama.

Dalagaa raawwataa**Yeroo hirmaattonni jecha dhumaa Waaman**

Kan siduraa bade rabbi bakka siif haabuusu	Aameen
Garaa sin gubate rabbi isiniif haaqabbaneessu	Aameen
Dura keessanii rabbi duuba keessanitti haadabarsu	Aameen
Abbaa biyyaa rabbi isin haagodhu	Aameen
Nama dachi nyaatu osoo hintaane nama dachirraa nyaatu ta'aa	Aameen
Uummata Oromoo tole jettan rabbi tole isin haajedhu	Aameen
Kan dachirraa marge rabbiin isin haanyaachisu	Aameen
Umrii dheeradhaa	Aameen
Qarri hambaa isin hin tuqiin	Aameen
Inni keessanis Oromoo hin tuqiin	Aameen
Dallaa Jiille ijaarratte keessa rabbi isin haatursiisu	Aameen
Tolaa keessa oolaa bulaa	Aameen
Imalli keessan fuula durri dirree	Aameen
Rabbi hallayyaa dirree isiniif haa godhu	Aameen
Ulee tasa sin dhoottu rabbi bosoqqee isiniif haa godhu	Aameen
Dhakaachi kosii siiniif yaa ta'u	Aameen
Jiille dallaa sitti ijaartee keessa oolii buli	Aameen

Horaa bulaa, dagaagaa, ijarraa haffaa, aadaan Oromoo isin hin ganiin, rabbirraa gaaffaa argadhaa jechuudhaan eebba araara duraa eebbisu. Kaayyoon eebba araara duraa kunis akka aadaa hawwaasa Oromoo kamiseetti Uumaafi uumamni, alaa manni, sa'aa namni, dar darriifi shamarii, jaarsaafi jaartiin, Lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyiin, hangafaa quxusuun, ak kasumas Oromoon hundi nagaa akka ta'aniif rabbiin kadhachuu jechuudha. Kunis, namni kamiyyu jiruufi jireenya hawwaassummaa keessatti nageenya isaa eeggatee akka waliin jiraatuuf uumaa isaa kadhachuu amantaa jedhu qaba. Yaadni kun namoota waldhaban waliif naasisuuf humna cimaa qaba jedhu. Kana malees namoonni waldhaban dallansuu isaanii lapheetti qabatanii akka isaan fuula manduggoo hindhaabbanneef yaada amansiisu danda'u ofkeessaa qaba. Erga eebbi araara duraa taasifamee booda araaramanii walwajjin nyaatanii ammoo eebba araara boodaatu raawwatama.

4.1.6 Eebba Araara booddee

Eebbi araara boodaas erga warri walitti gadde araaramanii waliin nyaatanii dhuganii wal eebbisuun gara qeyee isaaniitti galuuf kan ittiin wal gaggeessanidha. Innis akka armaan gadiitti eebbifama.

Dalagaa raawwataa

warra jecha dhumaa waaman

Gaarummaa rabbi keessa naanna'aa	Aameen
Kan dhalate isiniif haa guddatu	Aameen
Guddina keessa rabbi isin haa bushu	Aameen
Loon keessan nagaha	Aameen
Manni keessan nagahaa	Aameen
Nagaan bahaa gala	Aameen
Harki keessan hambaa hin tuqiin	Aameen
Kan hambaas keessan hin tuqiin	Aameen
Ati hin duute malee nama hin ajjeefne	Hin ajjeefne
Biyya bal'aa siif kenninee	Fudheera
Ummatatti harka hin kenniin/nama hin ajjeesiin	Aameen
Aadaa keessanii bulaa, itita aannaniifi dammaa ta'aa jechuun erga eebbisanii booda golgolaa'a mana ofiitti yaa'anii galu. Egaan qorattuun adeemsa araari ittiin raawwatu ilaalchisee yaadni af-gaaffii, daawwannaafi marii garee irraa argatte qabiyyeen isaa kan walfakkaatu ta'uu mirkanneeffatteetti.	

4.1.7 Seera Gaaddisaa Sirna Araaraa Keessatti

Mandugoon hawaasa Oromoo Jiillee kabaja qaba. Seera faajjiis qaba. Seerri kunis kan barreeffamaan jiru osoo hintaane kan mandugoonni Jiillee walta'uun bara 1986 malkaatti ba'uun bakka seenaa qabeettii aanichaa kan taate Awweetuutti walga'uun fooyyeeffatanii baafatanidha.

Seerri gaaddisaa kun yeroo dubbiin dubbatamu namni dabareen hin kennamiiniif dubbii nama harkatti qabe yakka. Akka aadaa hawwaasa Oromoo Jiilleetti tamboo wal harkaa fuudhanii nyaachuun baramaadha. Seera gaaddisa Oromoo Jiillee keessatti garuu tamboo naaf kenni jedhanii gaafachuun seericha cabsuu ta'ee ilaalama. Kanaaf gaaddisni

Oromoo jiillee seera of danda'aa mataa ofii qaba. Seera kana namni hundi ni kabaja, nieeg gattus, akkasumas nisodaatu. Sababni isaas namni seera gaaddisichaa cabse akka yakkamaatti ilaalama waanta'eefidha.

Seera faajjii kan jedhamu warri nama ajjeese faajjii baasan araaraaf oolchuun wanta araara sanaaf barbaachisu raawwachuufis ta'e raawwachiisuuf akkasumaan osoo hin taane, akkamitti, eenyuun, maaliin raawwatama kan jedhu kan of keessatti qabatu yommuu ta'u; seera gaaddisaa jechuun garuu faajjii araaraaf qophaa'e sana gaaddisa jalatti qalbii jaalalaafi dhiifamaan guuteen dabareen wal kabajanii wal dhaggeeffachaa kan manduggoonni gosa warra ajjeeseefi jalaa du'ee wal makuun nama isaan gidduudhaa du'aan dhabame yaadachaa waliin nyaatanii dhugan jechuudha.

Kanaafuu yoo deemuudhaaf dirqaman illee yaa jamaa gaaddisa nuuf eebbisaa jedhanii gaafatu. Kana jechuun deemuuf waanta nu dirqamsiisetu jira waanta'eef nuuf eeyyamaa jechuudha. Kanaaf hawwaasni kun gaaddisa aara galfachuufi boqonnaatti waan ilaalaniif namoota wal dhabuun wal ajjeesan kan isaan achi jalatti araarsan gadda baduu lubbuu namaatiin laphee isaanii cabse irraanfatanii boqonnaa sammuu akka isaan argatanitti amanu waanta'eef gaaddisa jalatti harka rigaa raawwatu. (Maddi odeeffannoo: Af-gaaffii Abbagaar obbo Mahaammad Arbiyyee Fardee Muddee 3/20010).

4.1.8 Haasawa Yeroo Araarri Jalqabamuu

Akka aadaa hawwaasa Oromoo Jiilleetti sirna dubbii keessatti akkaataatti manduggoonni dubbii waliin taasisaniifi haalatti isaan himatamaafi himataa waliin gaaffiifi deebii taasisan dabalatee hasawa gaaddisa jalatti godhamu jechuudha. Kunis akka qorattuun qorannoo ishee keessatti yaada gaafannoo af-gaaffiifi xiyyeeffannoo marii garee irraa argameen adda baastetti manduggoonni dhimma dubbii araaraaf gaaddisatti dhufuun ijoowwan dubbichaan walqabatan yeroosaan waliin dubbatan akka ta'e qorattuun adda baafatteetti. Akkas jechuun jalqabu "yaada fuuna murteeffadhaa" jechuun "Usaa; wal haa dhaggeeffannu" jechuu akka ta'e manduggoonni argaa dhageettiifi maddeen odeeffannoo hundarraa qorattuun adda baafachuu dandeesseetti. Kanaan booda hayyoonni gara dubbii seenu. Akka aadaa hawwaasichaatti namoonni wal dhaban lamaan wal

hinhimatani.Kanajechuun jara lamaanii kan gurra manduggootaa buusu manduggoo ollaati jechuudha.

Manduggoon ollaa kun dhimmicha gadi fageenyaan waan quba qabuuf manduggoota dhimmicha gadi fageenyaan hinhubanne hubachiisu jechuudha.Erga dhimmicha gadi fageenyaan hubatanii qulqulleessanii qorachuun “jaarsoliin dubbii kun garam gorti?” jedhanii walgaafatu.”Namaan naaf argaa” jetteettaa? Jedhanii himataa dhaggeeffatu.Akka aadaa Jiilleetti namaan naaf argaa jechuun yeroo namni kun simiidhu “eenyutu siif argeera” jechuudha.

Haaluma wal fakkaatuun manduggoonni hunduu dabaree dabareen gaaffii adda addaa gaafatu. Sabani manduggoonni hundi gaaffii gaafataniifis madda dubbichaa adda baafachuun eenyu akka balleesse beekuufi.Dhumarrattis manduggootaan namicha balleessaan irratti argameef gaaffiin garaagaraadhiyaata.Akkas jedhanii gaafatu “waan ittiin sihimatan beeyta?” jechuun gaafatu”Eeyyeen nin beeka” jedhee deebisa.Hayyaa; kan himatante keessaa “kamtu jiraa?” “kamtu hin jiru” jedhanii qoratu.

Himatamaanis akkas jechuun deebii kenna.”kan jirus jira” “kan hin jirres jira” jedheet amana.Kana jechuun ammo wanta inni himate keessaa tokko tokko dhugaan nijira yaada jedhu qaba.Himatamaan itti dabaluuun “wanti ana hin ibsines nijira”jedha.

Kanajechuun wanta ballaassaa tiyya hintaaneenis nahimateera jechuudha.Dhugaafi kijiba,akkasumas miidhaafi miidhamaa adda baafachuuf manduggoonni akkas jedhu “Yaaboo dhugaan garam jirtii?” jedhanii walgaafatu.Itti aansuun manduggoonni dhimmicha kallattii adda addaan xiinxaluun yaada tokko irratti walii galu.Yaanni kunis “raga dhiyeeffadhaa” kan jedhudha.Kana jechuun yeroo namichi kun siyakku nama ijaan isin arge jechuudha.Sana booddee dubbii bulfatanii gaafa guyyaa beellamaa ragaan kun itti dhiyaatu niqabama.Itti aansuun dubbii bulfamte gaafa guyyaa beellamaa ragoolee lakkaawamaniin dhiyaatti.Akka aadaa hawwaasa Oromoo Jiilleetti ragoota dhufan akka isaan dubbii dhugaa dubbatan (loogii akka hin hojjenne) waan ijaan argan qofa akka isaan himaniif kakaan ni gaggeeffama.Sana booda abbaa badii qabu adda baafachuun gara murtii kennuutti tarkaanfatu.

Akka qorattuun qorannoo ishee keessatti xiinxaluun adda baafattetti dhimma jalqabbii hasawaa gaaddisaa ilaalchisee yaadni daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo ilaalchisee ragaan walitti qabaman hunduu qabiyyeen isaanii kan walfakkaatuufi garaagarummaan yaadaa akka hinjirre mirkaneeffatteetti.

4.1.8 Sirna Araaraa Keessatti Akkaataatti Ragaaf Kakachiisan

Aadaa hawwaasa Oromoo Jiillee keessatti himannaa gaaddisatti dhiyaate keessaa kamtu dhugaadha kamtu immoo kijiba (himannaa dhugaa) hintaane dhiyeeffateera yaada jedhu qulqulleeffachuuf beellama qabaniifi kanturan ragooleen sunis gaafa guyyaa beellamaa nidhiyaatu. Isa booda akka aadaa hawwaasichaatiin manduggoonni sirna kakuu akka armaan gadiitti raawwachiisu.

“Garrake rabbi dhaggeettii dhugaaf sii kenne”

“Arrabakee rabbi akka dhugaa dubbattuuf hiike”

“Akka kijiba hin dubbanneef rabbi nama dhugaa godhee si uume”

Akkuma af-gaaffiifi marii gareen xiyyeeffannoo irraa argametti haala qorattuun adda baafachuun hubattetti kan ragaan dhiyaate akka dhugaa dubbattuuf kakachiisu jaltaa’oowwan abba gaari. Ergaan kaka kanaas gurrake hamaaf gaarii ittiin adda baasuuf rabbi siif kenneef jedhii dhugaa dubbadhu. Arrabakeen yoo kijiba dhugaa baate arrabni kee haa hidhamu yaada jedhu ibsa. Ati nama dhugaa rabbi si uume yoo kijibaan raga baate ooluun qe’ee keetti haadhalatu jechuudha. Kanaaf gaaddisa kana jalatti waan gurraan dhageessee ijaan adda baafatte qofaa nutti himi jechuudha. Kakuun kan gurraan dhageessan osoo itti hindabaliinii irraa hin hir’isiin waan agarteefi dhageessee itti amantu qofa raga bahuu baannaan namummaa keessaa haqami fuula rabbiitti ammoo firdiif dhiyaadhu yaada jedhu keessa beekessaandabarsa jechuudha. Itti dabaluu manduggoonni akkas jedhuun;

“Harka dhiqatanii nyaachuu garaatu jaallata’

“Dhugaa argan dubbachuu rabbitu jaallata”

Ragooleen ragaa himuuf deeman loogii tokko malee dhugaa jiru qofa akka lafa kaayaniifi manduggootaan akka mammaakamu qorattuun odeef kinnitoota irraa adda baafatteetti. Manduggoonnis erga ragaa dhaggeeffatanii booda himatamaafi himataa “nu keessaa bahaa” jedhu. Erga isaan gurra hilanii booda manduggoonni gaaffii walgaafatu.

”maal haagoonuu?” waliin jedhu.Manduggoonni yeroo isaan qoranii ilaalani himataanis balleessaa qaba,himatamaanis balleessaa qabaachuu danda’a.Karaa biraatiin akka aadaa Oromoo Jiilleetti namichi ani miidhameera jedhee himannaa dhiyeeffatu; manduggoonni dubbicha gadi fageenyaan qoranii ilaaluun namichi himatamaan badii isa irratti raawwatameen tasa namicha rukutte ajjeese malee kan balleessaa qabu isa du’e akka ta’e adda baafachuu danda’aniiru.Yaada manduggoonni namichi du’e balleessaa qabaachuu isaa mirkaneessan akka armaangadii kanatti mammaaksaan itti himu.”Raatuun ofii ejjennaa bade maali lafti badaan kun” jedha.Oromoon jedhanii makmaaku.

Kana jechuun hin miidhamne jechuu osoo hin ta’iin kan badii qabu isa du’edha jechuudha.Kana jechuun namichidu’e sun haa du’uyyu malee balleessaa kan qabu isa akka ta’etti himataatti ni himu.Kanuma irraa ka’uun qorattuunis yaada ishee mammaaksa,”bittaa wallaalanii gabaa komatu”jechuu akka ta’etti yaada armaan olii hiikteetti.Kana booda dubbichi eebbaan kan dhumu taanaan eebbaan fixu.Akka aadaa hawwaasichaatti namichimatame sun lubbuu namaa balleessuun balleessaa namicha du’een ta’us akkuma yakkamaatti balleessaasaa nifudhata.(Maddi odeeffannoo:Obbo Mahaammed Haajii Gammadaa manduggoo biyyaa kan aanaa Jiillee Dhummuugaati).

Walumaa galatti qorattuun qorannoo ishee kana keessatti wanti inni af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo irraa adda baafachuun hubattee akka aadaa hawwaasa kanaatti dhimmi akkaataa ragoota itti kakachiisaniifi kaayyoon isaaniifi qabiyyeen isaanii kan walfakkaatuufi garaarummaa kan hinqane ta’uu xiinxalteetti.

4.2 Hirmaattota Sirna Araara Harka Rigaa Oromoo Jiillee Dhummuugaa

Dhimma namoota walddhaban araarsuu keessatti kan qooda guddaa qaban nijiru.Kunis akkuma qorattuun qorannoo ishee keessatti adda baasuun keesetti akka armaangadiitti tarreessite. Qaama walddhabeeffis akka aadaa hawwaasichaatti araari nitaasifamaaf. Adeemsa harka rigaa keessatti walddiddaa uumameef fala barbaaddachuu jedhama.Harka rigaan dhimma manduggoonniifi hawwaasni hundi rakkoo dhimma tokko hiikuuf walitti dhufedha.Akka aadaa hawwaasa Oromoo aanaa Jiillee Dhummuugaatti namni tokko nama araarsuu nidanda’a.

Namni kun murtoo barbaachisu yoo fudhachuu baateyyu sadarkaa eebbaatiin dubbii jara lamaanii fixuu ni danda'a. Akka aadaa hawwaasa kanaatti namni jaarsummaa keessatti hirmaatu; abbagaarotaa, hayyoota biyyaa, dargaggootafi dubartoota jiran keessaa immoo haadha gurbaa nama ajjeeseefi haadha warraa abbeeraa gurbichaa ta'uu danda'a. Warri sadarkaa ijoollummaatiin dargaggoota/oldheeroo jedhamanis dhimma kana keessatti ni hirmaatu. Irra caalaatti garuu manduggoota umuriin jaarantu keessatti hirmaata. Egaan akka qorattuun daawwannaafi af-gaaffii irraa hubattetti abba gaarii hanga dargaggootaati kan jiran sirna araara harka rigaa irratti qooda fudhataniiru. Kana yommuu jedhamu namuma hunda jechuu osoo hintaane manduggoo han dardaraa filamanii qooda kan fudhatan jechuudha.

Walumaa galatti yaadni daawwannaa, marii garee xiyyeeffannoofi af-gaaffii irraa argameen hirmaattonni araara harka rigaa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa dubartoota yeroo nyaata araaraaf qopheessan qofa irraa kan hafe kan keessatti hin hirmaachifneefi manduggootaafi dargaggoota kan ofkeessatti hammatu ta'uu qorattuun adda baafattee ibsiteetti

4.2.1 Araara keessatti gahee dubartootaa

Akkuma qorattuun qorannoo kana keessatti odeeffannoota irraa ragaa fudhachuun hubattee ibsiteetti gaheen dubartoonni araara harka rigaa keessatti qaban yeroo manduggoonni araara kana raawwachiisuu oliifi gadi jooran bakka isaan gahanitti soora isaaniif barbaachisuufi bakka gahanii boqochuu barbaadanitti bakka isaan boqotaniifi waan isaan irra boqotan qopheessanii simachuun gahee dubartootaati. Dabalataanis guyyaa gaafa sirni araara harka rigaa raawwatamu qalma qalame dhiirotaan kukkutamee itti kenname bilcheessuun gahee isaaniiti.

Nibilcheessu malee akka nyaatamuuf dhiyyeessuun gahee isaanii miti. Sababiin isaas dubartoonni dhiiratti makamuun aadaa hawwaasa Oromoo aanaa Jiillee Dhummuugaa keessatti kan hin baratamne waantaheefi. Kun ammo dubartii gara laafettii waantaateef dhimmi araara harka rigaa kun ishee hin ilaallatu; akkasumas dubartiin qananiidha bakka roorroo dhaquun ishee sirrii miti yaada jedhu ofkeessaa qaba. Kanaaf dubartoonni achi dhaquu dhabuun ulfinaafi kabajaa; akkasumas jaalala dubartootaaf qaban ibsuudha.

Dabalataanis yoo yakka raawwatame sana quba qabaattes ragaaf nidhiyaatti. Yeroo ragaaf dhiyyaattu kanas dhiirotaan walitti hin makamtu qofaatti raga harkaa kan fuudhan ta'uu qorattuun hubachuun ibsiteetti. (Maddi odeeffannoo: Af-gaaffii obbo hammee xayyaar itti gaafatamaa aadaafi turiizimiifi Manduggoo aanichaa kanta'an obbo Mahaammad Haajii Bulaati).



Fakii. 13 Yeroo Haati Gurbaafi Niitiin Abbeeraasaa Nyaata Araaraa Tolchani (Onkoloolessa 28/2/2010 kan qorattuutiin kaafame)

4.2.2 Yeroo Sirni Araaraa Itti Raawwatamu

Araarri harka rigaa kan adeemsifamu qabiyyee adda addaa ofkeessaatti qabuun waldhabbi bifa garaagaraa irratti walitti mufatan hiikuuf taatee raawwatamu ta'uu isaa qorattuun marii garee xiyyeeffannoo kanarraa adda baafachuun hubatee ibsiteetti kan subii yaa'a loonii boodaa kaasee hanga gallabaatti osoo biiftuun hin lixiin duratti aadaan dhimma dubbii sanaa kan xumuran ta'uu qorattuun hubatteetti. Sababni erga biiftuun baatee kaasee osoo biiftuun hin lixiin xummuuufis akka aadaa hawwaasa Oromoo Aanaa Jiillee Dhummuugaatti dubbiiin halkan hin hi ilaalamu waanta'eefi. Akka qorattuun marii garee irraa hubattette dubbiiin halkan ilaaluun akka safuutti kan ilaalamu odoo hin taane akka aadaa hawwaasichaatti irra caalaan hawwaasa naannoo kanaa loon horsiisuun waan jiraataniif halkan yeroo boqonnaa looniiti waan ta'eef yeroo loon boqotan kabajuuf jecha boqonnaa loonii irratti dubbiiin kan hindubbatamne ta'uu gareen kun ibseera.

Dabalataan yaadaa marii garee kanarraa argatteen daawwannaan gooteefi af-gaaffii taasisteenillee yaadni yeroo araaraa irratti jiru kan walfakkaatu ta'uu isaa qorattuun mirkaneessitee jirti. Haata'u malee wanti qorattuun imala qorannoo isheetiin adda baafatte tokko waa' dhimma araara harka rigaa miti malee waa'ee dhimma jiruufi jireenyaa irratti garuu ni dubbatu kan jedhu hubattee jirti. Akka aadaa hawwaasa Oromoo Jiillee Dhummuugaatti bakki itti araari harka rigaa taasifamu gaaddisa jedhamuun beekama. Akka jaarsoliin argaa dhageettii qorattuuf himanitti gaaddisa jechuun bakkatti mandugummaan gaggeeffamu akka ta'e hubatteetti.

Haata'u malee wantoonni namaaf nama gidduutti ta'u hundi gaaddisa jalatti hin ilaalamu jedhu. Fakkeenyyaaf abbaan manaafi haati warraa yoo walddhaban manduggummaan qe'eema isaaniitti taa'ama malee gaaddisa jalatti miti jechuun mirkaneessan. Walumaa galatti akka aadaa hawwaasa Oromoo aanaa Jiillee Dhummuugaatti manduggummaan bakka gaaddisni jirutti yoo gaaddisni dhibame illee bakkee qabbana ilaallatanii nitaa'u. (Maddi odeeffannoo Abbagaar obbo Mahaammad Arbiyyee Fardee Mudde 16/20010).

4.2.3 Dhugaan Walitti Araaramuu Namoota Waldhabanii Kan Mirkaneessu

Akkuma qorattuun af-gaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeeffannoo taasifame irraa hubachuun adda baafattetti qaamonni walddhaban kun dhugumaan walitti araaramuu isaanii hubachuun mirkaneessiteetti. Kunis akka aadaa hawwaasichaatti qaamonni walddhaban kun dhuguma lephee isaanii guutuun araaramuufi araaramuu dhabuun isaanii kan beekamu gaaffii manduggoonni dhimma dubbichaa ilaalan akkas jechuun walgaafatan "Yaaboo dhiiroo gurbaan kun rifaatuu qabaa?" "Fuulli isaa aarii qabaa?" "baqannaa qabaa?" jechuun adda baafatu. Akka yaada daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo irraa qorattuun hubattetti lakki rifaatuus, aarii, akkasumas baqannaa hin qabu jechuun namicha jalaa du'een ilaalanii mirkaneessan. Kanajechuun garaa guutuu araaramaara; waanta'eef gara fuulduraa jiruufi jireenya hawwaasummaa keessattis ta'e haaloo bahuuf wanti shakkii qabnu hin jiru jechuudha.

Dabalataan namichi ajjeese durayyu araara waan barbaadeef hayyuu biyyaa ergate waanta'eef garaa guutuun araaramuun isaa shakkii hin qabu. Jarreen walddhabuun lubbuu dargaggoo tokko dhabamsiisuuf sababa ta'e kana garaa guutuun araaramuu isaanii gadi fageenyaan hubattee mirkaneessiteetti. Yoommoo namichi jalaa du'e sun rifaatuu, aariifi

baqannaa qabaate garuu araaramuu guutummaa guutuutti kandhiise osoo hin taane gara fuulduraatti haaloo bahuuf akka ta'eefi jiruufi jireenya hawwaasummaa keessatti nagaa buusuu kan hin barbaanne akka ta'e qorattuun xiinxalteetti.

Dabalataan qorattuun marii garee taasifame irraa wanti adda baafttee hubatte garaa araaramuu isaanii kan mul'isu yeroo araari raawwatee deebu sana warri ajjeeseef warri jalaa du'e walitti makamanii maaddii tokkorraa soorachuu isaanii akka ta'e qorattuun xiinxalteetti. (Maddi odeeffannoo: af-gaaffii manduggoo biyyaa obbo hammee shollee).

4.2.4 Namoonni Waldhaban Lamaan Yoodhugumaan Araaramuu Baatan Wantoota Isaan Mudatan

Akkuma gaafannoo af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo qorannoo irraa hubatamuun ibsametti; yoo qaamonni waldhaban lamaan araaramuun didan gara fuula duraatti waanti isaan quunnamuu danda'an jiraachuu isaa qorannoo kana keessatti gadi fageenyaan ibsamaniiru. Haata'u malee akka aadaa Oromoo Jiilleetti namni namnisaa jalaa du'e araara hin didu. Sababni isaas du'anii galuun waan hin jirreef isa jiru wajjin nagaatti jiraatanii rabbitti hafuu wayya yaada jedhutti amanu. Kanaaf warri waldhabe osoo ija jaarsaa dura hin dhaabbatiin tole jedhanii yaada manduggootaa fudhachuun alliifi manni isaanii ni milkaa'a ykn niofkalu jedhama. Faallaa kanaan yoo namni tokko waan manduggoon jedhan didee argame/araaramuu dide hin milkaa'u. Akkasumas jiruufi jireenya hawwaasummaa keessaa ni haqama.

Akka qorattuun qorannoo ishee kanaan adda baasuun hubattetti jiillee irraa ibidda hin argatu, owwaala hin argatu, yoo hamaan isa irra gahe birmannaa kan hin arganne ta'uu qorattuun gadi fageenyaan hubatteetti. Kunis namni ija jaarsaa dura dhaabbate fuuldurri isaa akka hintolle akka ta'e ibsa. Raagoowwan kunneen ammo kan hawwaasa Oromoo kamiseen aanaa Jiillee Dhummuugaatiin hojii irra oolaa tureefi oolaa jirudha.

Raagoowwan gama kanaan hawaasa Oromoo gadina Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa keessatti mul'atu kun immoo kan dhugumaan mul'achaa tureefi har'as ittufufee ta'ufi hawwaasni Aanaa Jiillee Dhummuugaa itti amanee waliin jiraachaa jiru ta'uu isaa hubatteetti. Dabalataan namni araara kana dide akka qurcaa'uufi horiin illee akka jalaa dhumu/qe'een isaa akka badutti raagu.

Akkasumas namichi kun araara didee yoo haaloo baafatee argame seera araara harka rigaatiif manduggoon Oromoo bara 1986 irradeebi'uun fooyyesanii baasan waan cabseef seera hawwaasa yeroo lama cabsee argame jechuun seera adaba yakkaa hariiroo hawwaasaa keewwata 82fi84 jalatti dhiyaateen adabbiin addabbiin akka itti kennamu manduggoon himata irratti banti. Adabbiin kanaan kennamus baay'ee ulfaataa akka ta'e ogeessi seeraa ni mirkaneessaniiru.

Walumaa galatti yaadni qorattitiin gaafannoo af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo argame irraa hubachuu dandeesseen hawwaasicha keessatti namni araara dide /murtoo jaarsi kenne fudhachuu dide hawwaasicha keessatti rakkoon guddaan akka isa irra gahuu danda'u adda baafachuun qulqulleeffatteetti. Kanaaf yaada af-gaaffiifi marii gareen taasi fame irraa qulqulleeffachuu akka dandeessetti kenname gama lamaaniinuu yaada waldeeggaru kennuu isaanii qorattuun xiinxalteetti. (Maddi odeeffannoo: Abba seeraa obbo Lammii malkaafi Abbagaar gumaa araarsu obbo Mahaammad Arbiyyee Fardee Amajji 3/20010).

Nyaaa Aadaa Sirna Araara Harka Rigaa irratti Dhiyaatan: Akkuma odeeffkennitoonni qorattuuf raga kennanitti; nyaanni sirna araara manduggummaa irratti dhiyaatu foon affeelamee ruuzaan makamuun bishaan waliin dhiyaata. Keessumattuu bishaan akka aadaa Oromoo Jiilleetti rabbii gaditti xurii kan namarraa qulqulleessu, kan nama hin miineefi dhugnaan kan nama qabbaneessu wan ta'eef xurii keenya nurraa qulqulleessi, qabbanakee nuufbuusi jedhanii rabbiin kadhachuu akka ta'e ibsaniiru.

Garuu nyaanni aadaa dhaabbataa miti abbaan akkuma humna isaatti dhiyeessa jedhu. Sababiin isaasdhimmi araara harka rigaa kun Balaa tasa osoo itti hin yaadiin namattidhufu waanta'eef qalanii nyaata qopheessuun dirqama. Gosa nyaataa filatanii itti qophaa'uun kandhiyaatu gammachuufi malee dhimma akkasii irratti nyaatatu filatama osoo hin ta'iin namoonni sun araaramuutu filatamaa akka ta'eefi bishaan dhiyyeessuun garuu dirqama akka ta'e qorattuun gadi fageenyaan xiinxalteetti.

4.3 Meeshaalee Aadaa Sirna Araara Harka Rigaa Irratti Dhiyaatan

Meeshaaleen sirna araara harka rigaa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa ke essatti dhimma itti Bahaman kanneen armaangadiiti. Isaanis:

Barmeelii: Barmeelli meeshaa aadaa bishaan itti kuufamuun wanti nyaatamu hundi ittiin hojjetamuu; akkasumas hawwaasni araara irratti argaman hundi yeroo salaanni gahu keessaawaraabbachuun dhiqatanii saalataniifi erga araaramanii booda itti dhiqatanii nyaataniifi erga nyaatanii dhiqataniif baachuuf dhimma itti bahamuusaa qorattuun daawwannaan mirkaneeffatteetti. (Maddi odeeffannoo: Aadde Faaxumaa Adam haadha gurbaa nama ajjeesee Sadaasa 22/2010)

Distii Sibiilaa: Distiin sibiilaa kun meeshaa ittoon itti bilcheeffamuun sooranni jilaaf qophaa'e itti nyaatamudha. Meeshaan kun sibiila irraa kan bocamu yoota'u, faayidaan meeshaa kanaas foon araaraaf qalameefi ruuza walitti bilcheessuun nyaata araaraa qopheessuuf kan gargaarudha.

Maakkee: Maakkeen meeshaa aadaa kan sibiilaafi mukarraa tolfamudha. Meeshaan kun faayidaan inni sirna araara harka rigaa keessatti qabu lafee cinaachaa re'oota qalamanii keessaa tokko baasuun itti caccabsanii dubbii jara ajjeeseefi warra jalaa du'e gidduudhaa fuudhanii gatuun akka meeshaa dubbii gidduu isaaniitti uumame hundetii kutee balleessuutti waan itti amananiif iddoo guddaa qaba. Dabalataanis foon qalame sana lafee isaa ittiin caccabsuun akka tolchuuf mijatutti ittiin sirreessuuf illee ni fayyada. (Maddi odeeffannoo: Obbo Mahaammed Haajii hayyuu biyyaa Mudde 22/2010).

Fal'aana: Fal'aanni meeshaa aadaa sibiila irraa hojjetamudha. Meeshaan kun faayidaan meeshaan kun sirna araara harka rigaa keessatti qabu nyaata keessummoota araaraaf dhiyaataniif dhiyaatu ittiin hammaaruun kan fayyaduufi yeroo nyaata sana bilcheessan suuta suuta mi'eessuuf bishaan ittiin qicachuuf fayyada.

Haaduufi Murtoo: Haaduun meeshaa aadaa sibiila irraa tolfamu ta'ee qabannaan isaa muka mala'oo jedhamu kan fooliin isaa urgaa'u irraa kan hojjetamudha. Faayidaan haaduun sirna araara harka rigaa keessatti qabu guddaadha. Isaanis Qullubbii ittoon sirna sanaaf qophaa'u ittiin quncifamee kukkutamuufi foon re'oota qalamanii ittiin

mummuramuu, akkasumas re'ootalleen ittiin qaluudhaaf dhimma itti bahamudha. Murtoon ammoo meeshaa aadaa muka waddeessa jedhamu irraa soofamuun tolfamu ta,ee; meeshaa qullubbiin sirna sanaaf muramu irratti kukkutamudha.

Tirii Diriiraa: Tiriin diriiraan meeshaa aadaa sibiila irraa tolfamudha. Bifti meeshaa kanaa waan akka gundootti bal'atee hojjetame ta'ee sirna araara harka rigaa irratti nyaanni qophaa'e maaddiitti qoodamuun keessummootaaf ittiin dhiyeessuuf gargaara. Akkasumas foon kukkutame keessatti miicuuf gargaara. Dabalataanis qullubbiin sirna irratti ittoon ittiin hojjetamu erga quncifamee booda keessatti miicamuun kukkutama.

Guchuma Sibiilaa: Guchumni sibiilaa meeshaa sibiilarraa hojjetamu ta'ee golboo oldheeraa rarraatoofi qadada kan qabudha. Faayidaan meeshaan kun sirna araara keessatti qabu mi'eessituwwan adda addaa kanneen akka mimmixaa, soogiddaafi dhadhaa keessa kaa'achuun ittoo tolfamuuf dhiyaata. Akkasumas ittoon erga tolfamee booda isatti warabuun namoota nyaataniif qicu.

Yiibiriqqii: Yiibiriqqiin meeshaa aadaa pilaastika irraa hojjetamu ta'ee rarraatoofi qadada kan qabudha. Sirna araara harka rigaa keessatti faayidaan inni qabu bishaan ittiin qicuun nyaata duraafi booda; akkasumas yeroo sa'aatiin salaataa ga'u ittiin qicatanii waduu godhachuu bakkuma araaraa sanatti salaatu.

Boojjitoo: Boojjitoon meeshaa aadaa muka qajeelaarraa soofamuun qophaa'udha. Meeshaan kun sirna araara harka rigaa irratti ittoon tolfamu kan ittiin sochoofamudha. Sababiin ittiin sochoofamuufis qullubbiin qullubbiinis ta'e mi'eessituwwan akka isaan haalaan akka hin gubanneef kan ittiin to'atamutu meeshaa kana waan ta'eef.

4.4 Fakkoommii Wantoota Sirna araara harka Rigaa keessatti Qooda Qabanii

-Wantoonni sirna araara kana irratti barbaachisan hundi fakkoommiin isaanii maal bakka bu'aa?

4.4.1 Fakkoommii Bishaaniif Ulee

Fakkoommiin bishaaniifi ulee sirna araara harka rigaa aadaa hawwaasa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa keessatti hiika qaba. Kunis akka aadaa hawwaasa kanaatti

gosti gurbaa nama ajjeese manduggoo biyyaa/abbagaar waliin bishaaniifi ulee qabatani qe'ee warra jalaa du'ee dhaquun araara kadhatu.Kana jechuun ammoo namichi nama ajjeese balleessaa isaa beekke araaraaf deemuun dubbiin nugidduutti dabe akka ulee haa qajeelu;lephée du'aatii lubbuutiin boora'e akka bishaan kanaa haaqulqullaa'u jechuun yaada gaabbe dhiifama gaafachaa jiru mul'isa.Dabalataan akka aadaa hawwaasa kanaatti bishaaniifi uleen yaada dabe qajeelchuufi Kan boora'e haa qulqulleessuutti fakkeeffama. (Af-gaaffii odeefkennitootaaf Onkoloolessa 8/20010).

4.4.2 Fakkoommii Re'ootaa

Akka aadaa hawwaasa kanaatti fakkeenya tokkummaa dhiigni re'oota lama keessaa dhan gala'e walfakkaatu sanaa qabaachuu waan mul'isuuf;yaa waaq akkuma re'oota garaa garaa keessaa dhiiga bifaan walfakkaatu uumte dubbii nugidduutti garaagarummaa uumee lubbuu namaa kabajamaa ta'e gaaga'e kana balleessii yaada keenya tokkotti nuuf deebisi jedhanii kadhachuu bakka bu'a.(Af-gaaffii Obbo Ahimed Haajii Abdallaa Sadaasa 22/20010).

4.4.3 Fakkoommii Lafee Cinaachaa

Akka aadaa hawwaasa kanaatti lafeen cinaachaa dubbiin nugidduutti lafee taate nu gidduudhaa hundeensaa haabadu, nuti waliif obboleeyyani, nuti waliif cinaacha,walhin ajjeefnu,dubbiin nugidduudhaa haabahu yaada jedhutti fakkeeffama.(Obbo Aliyyii Abdii Sadaasa 22/20010).

4.4.4 Haasawa

A.Namni gumaa hin baafanne gosa lugnaati jedhama.Kun immoo kan tajaajilu Oromoon dur gumaa baafata malee gumaa hin nyaatu.Hawwaasa Oromoo HawwaasaOromoo Jiillee Dhummuugaa biratti kun haala lamaan ilaalama.Inni jalqabaa akkuma olitti jedham Jiilleen Jiilleen yoo ajjeese nifalata.Yoo orma waliin walajjeese garuu gumaa baafata.Ormi garuu gumaa nyaata.gumaa nyaachuun aadaa ormaati gumaa hin nyaatiinaa jedhu.

B.Yaaboo“ilaa akkii gootu; mana duuti hin sheenne barbaadii yoo mana duuti hin sheenne argite aannan nuufidi”.Namichis yaadee yaadee yoo dhabu hin jiru jedha.Achumaan taa'i nutilleen araara sikadhannaa nu hin didiin jechuudha.Duuti mana hin seenne hin qabdu nuuf qabami jedhanii kadhatu.Kana jechuun addunyaa kanarraa

manni namni keessaa hin dune hin jiru, namni kamuu karaa waaqaas ta'e karaa adda addaa ni du'a waanta'eef dhiisi jechuudha.

4.4.5 Mammaaksa

Mammaaksi gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee kan hawwaasni dhimmoota garaagaraa keessatti dhimma tokko jalqabuufis ta'e xummuruuf itti gargaaraman jechuudha. Kanaaf manduggoonni kunis dhimma araaraa qorannoo kana keessatti taasifame kana keessatti mammaaksota armaan gadii fayyadamanii raawwatani.

- 1."Asuu jirti achuu jirti, boruuf waa dhiisan lakkisi"
- 2."Du'aaf waadidan; du'aan garana waajiran, dhiisi waan bade waliin hin badiinii"
- 3."Harreen dhaltee ilmoo diddee hin deebine dhalti, hin naalchaniif;
4. "Haadhaaf gu'uma, ilmoof du'uma" jedhu.

Mammaaksonni kunneen haala hirmaattonni araara buusuuf yeroo deeman mala afoola Oromootti fayyadamuun dubbii hiikuuf haala dubbii haasawaatti fayyadamuun tasgabbiu uumuuf ogummaa haasawaa asuu jirti achuu jirti boruuf waadidaan jechuun kan har'a mana keenya seene booru manakee seena dhiisi jechuudha. Kanaafuu duuti hin hafuutii hamma dabareen du'aa nughutti waliif haa dhiifnu jechuudha. Dabalataanis tokkuma yoo dhiifne wayya nuuf qabami jechuudha. (Manduggota sirna sana irratti argaman Sadaasa 22/2010).

4.5 Faayidaa Araarri Harka Rigaa Hawwaasa Keessatti Qabu

Jiruufi jireenya hawwaasummaa keessatti araara buusuun bakka guddaa qaba. Akka qorattuun qorannoo ishee keessatti karaa af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoon odeeffennitoota irraa adda baafachuun keessetti aadaa hawwaasa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaatti waldhabdee qaama lamaanii furuuf manduggoonni bebbeekamoon dubbii qaama waldhaban gidduu jiru bifa nagaan akka xummuramu taasisuudha.

Araara buusuuf manduggoonni Oromoo Aanaa Jiillee Dhummuugaa kan isaan itti dhimma ba'uun araara buusan manguddoota akka biyyaatti ilaalcha biyyummaa qabaniifi ogummaa nama araarsuu qabanitti fayyadamuu isaanii hubatteetti. Akkuma qorattuun qorannoo ishee keessatti hubachuu dandeessetti faayidaan namoota waldhaban araarsuun qabu namoonni wal ajjeesan shakkiifi mufii tokko malee akka isaan waliin jiraatu, haaloo

baafachuuf jecha wal ajjeesuu hambisuuf,waliin jireenya hawwaasummaa akka waliin qabaatangochuuf,tokkummaa isaanii akka cimsataniifi sababa mufannaa kanaatiin qabeenyaan akka hin mancaaneefi kkf niif fayyada.

Dabalataanis bu'aafi tasgabbii uuma.Walumaa galatti araarri hawaasa Oromoo kamisee birattiqoodni inni qabu jiruufi jireenya hawwaasummaa gama dinagdeedhaan jiru kan cimsu,tasgabbii seera qabeessa ta'e hawwaasa gidduutti kan uumu, kabajaafi jaalala akka isaan waliif qabaatan kan godhuufi aadaa wal danda'anii waliin jiraachuuf qaban daran dabaluun shooraa olaanaa qachuu isaa qorattuun af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo irraa odeeffannoo argatteen xiinxaluun hubattee ibsiteetti.

Dabalataan akka manguddoonni dhimma kana irratti qooda qaban ibsanitti faayidaan sirni kun hawwaasa keessatti qabu; nagaa naannoofi hawwaasaa mirkaneessuuf,lubbuun lammaffaan hawwaasa keessatti akka hin banneef,namoota waliitti gaddan gadda isaanii irraa hiikuufi kkf fayyada jedhu.Yaada hayyoonni kun jedhaniifi waan sirna kana irratti argite irratti hundaa'uun qorattuunis faayidaa sirna kanaa akka armaan gadiitti keesseetti.

Duudhaafi aadaan sabichaa kabajaafi iddoo olaanaa akka qabaatuuf fayyada.Akka aadaatti sirna kana irratti waan eebbisaniifi abaaran qabu. Kun ammo waan eebbifamuufi abaaramu sana keessatti waan akeekkachiisaniifi amansiisan waan jiruuf yoo diigani argaman irratti waan raawwatuuf soda kanaaf jecha deebi'anii badii hin dalagani.

Itti dabaluun aadaan kun Oromiyaa bal'oo keessatti namni wal ajjeesee gumaa araarame waliin jiraachuuniifi walirraa fuudhanii walitti eerumuun tasumaa waan yaadamu miti.Erguma araaramanii boodallee gumaa baafachuuf jecha bakka wal arganitti wal ajjeesuun guutummaatti ni jira.Kun ammo hawwaasa Oromoo Jiillee biratti akka nama seera rabbii jalliseetti waan ilaalaniif soda guddaafi akka nama amala bineensaa qabuutti lakkaa'u.Kanaaf qorannoon kun akka muuxannootti ni gargaara jetti.

Bonnaa Shan: Argannoo,Cuunfaafi Yaboo

Boqonnaan kun qaamolee qorannoo keessatti ka'an cuunfaa, argannoo,goolabaafi yaboo furmaataa kan ofkeessatti qabudha.Isaan kunis adda adda baafamanii akka ifa ta'uu dandahaniin walduraa duubaan dhiyaataniiru.

5.1 Cuunfaa Argannoo

Adeemsa qorannoo kanaa galmaan ga'uuf ragaaleefi odeeffannoo barbaachisu argachuuf haalaa gaarii ta'een hojii dhugaa irratti hundaa'e dalaguun qorannoo kiyyaaf bu'aa gaariidha.

Uummanni Oromoo akkuma hawwaasa addunyaa biro aadaa,seena,duudhaafi barsiifata garaagaraa kan qabudha.Sabni kun caasaa hidda latinsa hedduu haa qabaatuyyu malee aadaa walitti hidhata qabu kan walirraa adda baasuufillee nama rakkisu hedduu waliin qaba.Aadaan qabeenya uummatichaa ta'e kunis gosa barnoota fookiloorii kan dame bal'aa qabu kana keessatti ilaalama.Haata'u malee gosa barnoota fookiloorii keessatti afoolli uummata Oromoo,meeshaaleen aadaa,og-afaan,Aartiin uummatichaafi barsiifata isaanii qorannoo dhaan waan bira gahame hin qabu.

Uummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti kan itti gargaaramu keessaa araari harka rigaa isa tokkodha.Araari harka rigaa kunis damee fookiloorii keessaa tokko tokko yoota'u uumma Oromoo godinaalee garaagaraa keessatti argaman biratti fudhatama olaanaa kan qaba.Uummanni Oromoo Jiillees sirna araara harka rigaa dhaloonni abbootii isaanii irraa dhaaluun eenyummaa ilmaan Jiillee waliin akka tokkootti(akka yoo aadaan kun jallatte eenyummaan isaanii gatamutti) eeguun yeroo dheeraaf kunuunsuun gola laphee hawwaasaa keessa kaa'uun asiin gahaniiru.

Qorannoon kunis adeemsawwan araara harka rigaa Oromoo Kamisee aanaa Jiillee Dhummuugaa keessatti haala qabatamaan argaman xiinxaluun labata ammaa irraa kan dhufuuf kan dhufuuf dabarsuun kan amma Oromiyaa bal'oo keessa jiran ammoo barsiisuuf gaggeeffame.Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas sirna araara harka rigaa keessatti adeemsa maalii keessa darba,hirmaattonni eenyufa'i,meeshaalee sirna sanaaf barbaachisan,nyaata sirna sana irratti qophaa'u,eenyutu qopheessa,eessatti qophaa'afi sirnichi yoom gaggeeffama kan jedhu xiinxaluun ibseera.

Haaluma kanaan gaaffilee bu'uuraa ka'umsa qorannoo boqonnaa tokko keessatti ka'an, deebisuuf maloota odeeffannoo garaa garaa kan akka af-gaaffii, marii gareefi daawwannaan madden ragaa garaa garaafi meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatti dhimma bahuun walitti qabuun dandahameera. Kanuma irraa ka'uun akka waliigalaatti qabxiileen argannoo qorannichaa akka armaan gadiitti kaa'amaniiru.

1. Qophiin sirna araaraa jalqabaa hamma xummuraatti tartiibaan ibsameera.
2. Erga walitti araara manii booda gosni warra ajjeesee gariin ka'anii dhaabbachuun yommuu rabbiin galateeffatan, gariin ammo gadi jechuun warra jalaa du'e bakka isaan taa'anitti harka fuudhuun argameera.
3. Warri jalaa du'eefi warri ajjeese maaddii tokkotti dhiyaachuun afaan walkaayanii nyaachuun araara mirkanneessuun isaanii argameera.
4. Sirna sana irratti haadha gurbaa nama ajjeeseefi niitii abbeeraasaa qofaannyaanni bilcheeffamuu irraa kan hafe dubartoonni kan hirmaanne ta'uun ibsameera.
5. Jiruufi jireenya hawwaasummaa keessatti araari harka rigaa faayidaa guddaa qaba. Kunis namni tokko fira, gosaafi saba isaa wajjin akka lammata wal hin ajjeefneef fala guddaafi sirna kabajamaa lammiin lammii wajjin haaturuu diina wajjinuu mufannaadhaan akka waliin hin jiraanne, waliin jireenya hawwaasummaa foolii urgaahaa qabuun akka waliin jiraataniifi tokkummaa diinni diiguu hin dandeenye akka horatanii nageenya tasgabbii qabu akka jiraatan taasisa. Haaluma kana keessa turuun isaanii lubbuun tokko garmalee akka hinbadneef, cubbuun raawwatamu xiqqoo ta'uu isaa, kun immoo umurii dheerachuu fideera. Wantoonni hin malle hundi yoo isaanitti dhufan dafanii falachuun furmaata barbaaduun ulfinaafi kabaja guddaa isaan sirna sanaafi saba isaaniif qaban mul'isa.

5.3 Yaboo

Akkuma beekamu qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu yaadni furmaataa barbaachisa Adha. Yaaduma kana bu'uura godhachuun qorattittiin yaada furmaataa qorannoo gaggeeffame kanaa akka armaan gadiitti tarreessiteetti.

- Adeemsi sirna raawwii araara harka rigaa aadaa hawwaasa Oromoo Kamisee kan qorattuun qorannoo ishee keessatti kaaste kana waajjirri aadaafi turiizimii hawwaasa Oomoo waliin ta'uun bifa barreeffamaatti jijjiiruudhaan labata dhufuuf dabarfamuu qaba..
- Aadaan sirna araara harka rigaa Oromoo kamisee kun haaluma rakkoon tokko uumameen osoo lubbuun abi hin badiin sooddoo namni nama ajjeese harka kennuun kun akka hin dagatamneef aadeffachuun lammata waan akkasii irraa bilisa ba'uun akka duuti tasaa hin babal'anneef manduggoonni xiyyeeffannoo kenneefii irratti hojjechuun kunuunfamuu qaba.
- Haaluma walfakkaatuun akkuma aadaa hawwaasa kanaa keessatti hubatameen qaamni waldhabe kamiyyu dafee falachuun garaa guutuun walitti araaramuun jiruufi jireenya isaanii gaggeeffatan kun osoo bakka adda addaatti beekame gaariidha.
- Qaamoleen waldhan lamaan duudhaafi aadaa hawwaasa isaanii eeguun murtii manduggootaan kennamu kabajanii fudhachuun isaanirraa eegama.
- Sirna araara harka rigaa kana keessatti wantoonni fakkoommii mataa isaanii qabataniif argaman kun kanneen biroof fakkeenya mishaa ta'uun eegamuufi hiika guddaa qabaachuun akka hin dagatamneef dabarfamuun hawwaasa Oromoofi manduggoota dhimma raawwachiisan hundaan kuunuunfamuu qaba.
- Sirni araara harka rigaa aadaa hawwaasa Oromoo Kamisee kun kabajamaafi beekamaa waanta'eef yeroo ammaa immoo akka aadaatti wanti sirna kana keessaa hir'achaa dhufan waan jiraniif hawwaasichi aadaa isaa qaroo kana osoo hin dagatiin kunuunfatee dhimmatti bahuun dhaloota dhufuuf dabarsuun irraa eegama.

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa.(2011).Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo Oromiyaa.
- Allowood, J (1993). Concepts of conflict and conflict Resolution- Universal and culture specific (Swedish) aspects InJ. Allwood and Asmah concepts of conflictand conflict Risolution in Malay and Swedish.
- Bukenya Austin, Wajinku, M. kabira, Okoth, Okombo (Editors) (1994) under standing Oral literature.Nairobi: Nairobi University **press**.
- Beekan Gulummaa,(2015).Dimdimoo,Cooma Aadaafi Afoola Uummata Oromoo.
- Ben-Amos-Dang (1997).To ward adefinition of folklore in context.(Reading in America Folklore).
- Burton, John W. (1969).Conflict and communication.London:Macmillian.
- Burton, J.W. (1987).ResolvingDeep-Rooted Conflict.University press of Amerika.
- Dastaa Dassaaleny,(2010).Bu`uura Qorannoo.AddisAbabaa:Mana maxxansaa Boolee.
- Dajanee Gammachuu(2007).Conflict and Conflict Resolution Among Waliso Oromo of EstenMecha.The Case of Guma.Series Editots,Gabre Yontiso.
- Dirribii Damusee,(2012).Ilaalcha Oromoo(AfaanOromoo).Atlaantaa USA.
- Dr. Hinnat (1977:191).Histoy of Oromo Guji.Addis Ababa.
- Friberg.M.(1990).*Towards aTheory of Conflict and Conflict Resolution CESAS Univer sity of Goteborg*.
- Galtang, J. etal (2002).Searching:The Road toTranscend.London:Pluto press.
- Garcia, Edmundo (1994).War and peace making.Essay on conflict and change.Quezon city: clare tian press.
- Geetaachoo Taaddasaa,(2001).Shanan Jiillee Dasee.
- Ho-Won Jeong. (2008).Understanding conflict and conflict Analysis.London.Sage Publica tions LTD.
- ImobigheT.A.(2003).The OAU(AU) and OASin Regional Conflict Management:Acom parative Assessment.Oxford,UK:USA Distribution.
- Imana Bayyanaa (2007).Qaaccessa Qabiyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo Naannoo Shawaarratti Xiyyeeffate.Waraqaa Qorannoo MA.Muumm Afaan Oromoofi Ogbar ruu Yuuniivarsiitii Addis Ababaa.
- Jacoby.T.(2008).Theoritical and Inter disciplinary Approachs.London:Rutledge.

Mamo Hebo (2006).Land local Custam and State Police:Land Disputes and Disputes among theArsi of Southern Ethiopia.Koyoto:Shouk.Adoh Book Settlers.

Punch.F.(1998).Introduction to Social Reaserch.New Delhi:Sage publications Indian PVt Ltd.

Ruth Finnegan.(1970).Oral literature in Africa Nairobi:Oxfoed University Press.

Imobighe T.A.(2003).The OAU(AU) and OSA in Regional conflict Management:Acom Parative Assesment.Oxford,UK:USA Distribution.

Oring,E.(1986).Folk Groups andFolklore Genres:An introduction. Logan Utah:Utaha

Zinna and Eizen,D.S (1991).Inconflict and order understandin

ፈቀደ አዘዘ::(1991) የሰነ-ቃልመመሪያ::አድሰ አበባ ቦለማድጂት::

ሙሉገታ ነጋሳ (1997) በኣሊባን ወረዳ የኦሮሞ ስሪጉማ ከግጭት አንሳር፣በአምኤድግሪ መሟያፀ-ሁፍ፣በአድሰ አበባ ዩኒቨርሲቲ፣የኢትዮፕያ ቅንቆዎችና ስነፀ-ሁፍ ትምህርትክ ፍል::

ያለዉ እንዳወቅ ሙሉ:(2011): የምርምር መሰረታዊ መርሆችና አቀነባበር::3ኛእትም ባህርዳር ዩንቨርሲቲ

የኢቲዩጲያ ዲሞክራሲአዊ ሪፓብሊክ (1997) የወንጀል መቅጫህግ፣አዲስ አበባ:ብርሃንና ሰላም ማተምያ ድርጅት:

DABALEE A

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Koollejji namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Sabquunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii Kabajamoota manduggootaa kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoo Ogbarruufi fookiloorii sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf “Xiinxala Sirna rawwii Araara Harka Rigaa Oromoo Kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa” jedhu irratti ragaa qulqulluu funaannachuufi. Kanaafuu hirmaannaan isin kallattiidhaan afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa’ina qorannoo kanaatiif murteessaa waanta’eef raga dhugaa hawwaasni itti fayyadamaa turaniifi itti fayyadamaa jiran osoo irraa hin hambisiiniifi itti hindabaliin natti himuun gahee isin irraa eegamu akka naaf gumaachitan kabajaan isin gaafachaa ragaan funaanamu dhimma qorannichaaf qofa kan oolu ta’uu isaa waadaan isiniifgala.

Kutaa duraa: Odeeffannoo waa’ee odeef kennitootaa

Maqaa -----

Umurii-----

Saala-----

Ganda-----

Gahee hojii-----

Gaafannoo Gaaffilee Afgaaffi

1. Sirna raawwii araara harka rigaa keessatti nama nama ajjeese akkamiin qorani yakka hojjetame adda baasuu?
2. Hirmaattonni sirna kana raawwachiisan eenyufa’ii?
3. Adeemsi sirna araaraa kun eenyuun raawwatamaa?
4. Sirni araaraa kun yoomiifeessatti raawwataa?
5. Tartiibni sirna kanaa maalfakkaata?
6. Dhugaadhaan walitti araaramuu isaanii maaliin mirkaneeffannaa?
7. Yoo dhugaadhaan walitti araaramuu baatan maaltu isaan mudataa?
8. NYaanni aadaa sirna kana irratti qophaa’u maalfa’ii?
9. Meeshaalee aadaa sirna kanarratti fayyadaniifi fakkoommii isaa, haala kamiin akka dhimma itti bahan naaf himuu nidandeessuu?
10. Wantoonni sirna araaraa kanaaf barchisan hundi fakkoommiin isaanii maal bakka bu’uu?
11. Namoota waldhan araarsuun hawwaasa keessatti bu’aa maalii qabaa?
12. Baay’inni namoota sirna kana raawwachiisanii meeqa?
13. Nyaata sirna kana irratti dhiyaatu eenyuun qophaa’aa?
14. Nyaanni qophaa’u kun maalirraa qophaa’a

DABALEE B

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Koollejji namoomaa, Qorannoo afaanotaa, Joornaalizimiifi

Sabqunnamtii muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi fookiloorii

Maqaa, umuriifi gahee hojii namoota odeeffannoon irraa funaanamee

Lakk.	Maqaa guutuu	Saala	Umurii	Ganda	Gaheehojii	Guyyagaaffiin Itti dhiyaate
1	Mahaammed Aliyyii Muusaa	Dhi	50	Allaala	Qotee bulaa	1/3/2010
2	Mahaammed Ahimed Adam	Dhi	49	Dirrici	Qotee bulaa	1/3/2010
3	Mahaammed Arbiyyee Adam	Dhi	60	Allaala	Qotee bulaa	1/3/2010
4	Ahimed Haajii Adam	Dhi	59	Baxxee	Daldaalaa	4/3/2010
5	Mahaammed Umar Adam	Dhi	70	Baxxee	Daldaala	4/3/2010
6	Hammee Xiyyaar	Dhi	43	Sanbatee	I/G/W/A/T	4/3/2010
7	Huseen Umar Yaasin	Dhi	50	Sanbatee	Barsiisaa seenaa	4/3/2010
8	Mahaammed Arbiyyee	Dhi	70	Sanbatee	Manguddoo biyyaa	4/3/2010
9	She hasan Sarboo	Dhi	58	Duullaa	Manguddoo biyyaa	6/4/2010
10	Aliyoo Mahaammed	Dhi	60	Duullaa	Manguddoo biyyaa	6/4/2010
11	Usmaan Badhaasii	Dhi	57	Duullaa	Qoteebulaa	6/4/2010

DABALEE C

Gaaffilee mirkanii marii gareef dhiyaatan

Kabajamtoota manguddoota sirna araara harka rigaa keessatti gahee qabdaniif baga rabbiin nagaa isiniif kenne jechaan gaaffilee mirkanii gareen irratti mariyachuun yaada keessan qorannoo kiyyaaf gumaacha isin irraa barbaachisu akka naafgootan kabajaan isin gaafadha. Gaaffileen mirkanii gareedhaan isiniif dhiyaate kunis waanbiraaf osoo hin taane qorannoodigirii lammaffaa gosa barnoota Afaan Oromootiin guuttachuuf qofadha. Kanaaf gaaffilee qorattittiin isiniif dhiyeessitu yaada deebii nitaha jettanii itti amantan mariyachuun akka isheef gumaachitan kabajaan isin gaafatti. Matadureen qorannoon kun irratti gaggeefamus xiinxala sirna raawwii araara harka rigaa Oromoo kamisee Aanaa Jiillee Dhummuugaa irratti xiyyeeffata. Kanaaf turtii waliin taasisnu keessatti nuffii tokko malee yaada keessan akka naaf ibsitan kabajaan isin gaafadha. Gaaffileen kunneenis kanneen armaan gadii ta'u.

1. Namoota meeqatu sirna sana irratti hirmaataa?
2. Baay'inni namoota namni jalaa du'eefi kan warra ajjeese lakkoofsaan walcaalumoo walgitanii sirna araara irratti argamuu?
3. Yoo walqixxa tahan maaliif?
4. Yoo walcaalu ta'e immoo sababa maaliif?
5. Wantoonni harkatti qabataman kunneen maal bakka bu'uu?
6. Warri wal ajjeese yoo araaramuu baatan maaltu ta'aa?
7. Sirna kana irratti eebbi jiraa? Abaarsihoo?
8. Yoo jiraate, maaliif eebbisanii abaaruu?
9. Manguddoonni sirna sana gaggeessan maal harkatti qabatuu?
10. Horiin qalmaaf sirna sana irratti dhiyaatu jiraa?
11. Yoo jiraate bifti horii qalamuu daanga'aadhaa?
12. Yoo daanga'aadha ta'e bifa akkamiiti?

Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaakoo kanaan dura yuunvarsitiiti kam keessattiyyu qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uusaafi wabiileen waraqaa kanaaf dubbisee fayyadame hunda wabii keessatti kaa'uukoo nan mirkaneessa.

Maqaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Ani Dr._____barattuun kun ishee of Ittisuuf dhiyaachuu danda'uu ishee mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____